

**HAALA FI DURSAWWAN
DUBARTOOTA
ITOOPHIYAA
MURTEESSUUF
QORANNOO
GAGGEFFAME**

**Gabaasa Qorannoo
Gabaabaa**

*Onkololeessa, 2017
Finfinne, Itoophiyaa*



የሴቶችና ማህበራዊ ጉዳይ ሚኒስቴር
Ministry of Women and Social Affairs



Funded by
the European Union



NEWA



OXFAM

HAALA FI DURSAWWAN
DUBARTOOTA
ITOOPHIYAA
MURTEESSUUF QORANNOO
GAGGEFFAME

Gabaasa Qorannoo
Gabaabaa

Onkololeessa, 2017
Finfinne,
Itoophiyaa

MAALLAQAA PIROOJEKTII
Gamtaa Awurooppaa (GA)

KALLATTII PROJEKTII
Karaa Koree Deeggarsa Beelaa Oxfoordii (KDBO), Gurmuu Waldaalee Dubartoota Itoophiyaa (GWDI) fi Paanaalii Gorsaa Ministeera Dubartootaa fi Dhimma Hawaasummaa (MDhDH) tiin hogganamudhaani

BARREESSITOOTA
Ziyaadee Hayiluu, Xilahuun Girmaa, Qiddisti Gabrasillaasee, Daani'eel Nigaatuu, fi Tirsiit Saahledingil

Photo credit: https://www.flickr.com/photos/rod_waddington

WAA'EE MDHDH, GWDI, FI KDBO

Ministeerri Dhimma Dubartootaa fi Hawaasummaa (MDhDH) ministera federaalaa labisi lakkoofsa 1263/2014 jalatti hundeeffame. Gaheen isaas dhimmoota dubartootaa, daa'immanii, dargaggootaa fi hawaasa saaxilamo fi kutaawwan cunqurfamo fi namoota qaama miidhamtoota, manguddoota, harka qalleeyyii magaalaa, harka qalleeyyii fi miseensota hawwaas-dinagdeedhaan gadi aanaa ta'anitti kan daangeffame miti.

Gurmuun Waldaalee Dubartoota Itoophiyaa (GWDI) loogii irraa walaba, bu'aaf kan hin dhaabbanne ta'ee bara 2003 A.L.I tti garee dubartootaa guddina dubartootaaf, walta'iinsa fi sagalee abukaatummaa cimaa uumuu barbaadaniin kan hundeeffame dha. Gurmuun Waldaalee Dubartoota Itoophiyaa waldaale lammummaa (civic) hawasaa keessaa kan dursu ta'ee, kabaja siyaasaa, diinagdee, hawaasa fi mirga seera qabeessa dubartootaaf irratti kan hojjetudha

Haaluma walfakkaatuun, jalqaba bara 1970'moota irraa eegalee, Koree Deeggarsa Beelaa Oxford (KDBO) jireenya itti fufiinsa qabu fiduuf misooma bishaanii fi qulqullina naannoo, qonna, qorannoo haala qilleensaa, koorniyaa, fi dhimmoota namummaa irratti xiyyeeffachuun sababoota bu'uura hiyyummaa fi cunqursaa ykn hakuuccaa furuuf hojjechaa tureera.

GWDI, KDBO fi MDhDH waliin ta'uun pirojektii qorannoo kanaa hojiirra oolchaniiru. Gamtaan Awurooppaa qorannoo kana maallaqaa kan deeggare yoo ta'u, paanaliin gorsaa, ogeeyyii fi abukaattota koorniyaa irraa ijaarame immo deeggarsa to'annoo kennaniiru.

Odeeffannoo dabalataaf:

www.mowsa.gov.et

www.newaethiopia.org

www.Oxfam.org

daawwadhaa

| SEENSA

Mootummaan Itoophiyaa haala walqixxummaa koorniyaa fi dubartoota aangessuu dandeessisu horachuu keessatti tarkaanfii guddaa kan fudhate ta'uu, imaammataa fi tarsiimoolee adda addaa walqixxummaa saalaa furuuf kaayyeffatan hojiirra oolchuunsaa ragaadha. Tattaaffiin kun jiraatus, seera hawaasummaa, barmaatilee aadaa, fi waldhabdeen naannolee tokko tokko keessatti deemaa jiru aangessuu dubartootaa tarkaanfachiisuuf qormaata ta'ee itti fufee jira. Dubartoonnii fi shamarran yeroo baay'ee mudannoo balaa yakka saalaa fi miidhaawwan gosa birootiin miidhamuun isaanii itti fufee jira. Hubannoon baldhaan jiraatus, haala dubartootaa irratti keessattuu hanqinni raga baldhaa ni jira. Qorannoowwan kanaan dura taasifamaa ture faayidaa qabaatus, gargar ciccitee waan jiruuf, muuxannoon dubartootaahanqinni hubannoo baldhaa fi yeroo isaa eeggate akka jiraatu taasiseera. Qorannoon tokkummawaa gama jireenya dubartootaa adda addaa ilaalu jiraachuu dhabuun, murtee odeeffannoo irratti hundaa'e kennuufi giddu-seenummaa bu'a qabeessa ta'e gochuu gufachiiseera.

Qaawwa kana hubachuun, qorannoon ammaa kun Qorannoo Dubartoota Itoophiyaa (QDI) fi Qorannoo GochaHirmaachisaa (QGH) irraa qaaceffame kun maloota odeeffannoo funaanuu qulqullinaa fi baay'inaa fayyadamuun gara kuusaa odeeffannoon walitti hidhamee fi yeroo ammaatti qabachuuf kaayyeffate keessaa isa guddaa fi mallattoo ta'ee mul'ata. Qorannoon kun dubartoota 36,367 guutuu biyyattii keessatti af-gaaffii fi dubartoota 440 marii gareerrati hirmaachisuun naannoolee biyyattii saddeet keessatti gaggeeffame, hanqina ragaalee cufuu fi walxaxaa muuxannoo isaanii hubachuun jireenya dubartootaa bal'inaan kan dhiyeessudha

Ragaan qorannoo kanaan funaaname, qaamota imaammata bocan, abukaattota koorniyaa, miidiyaa, fi qorattootaf qabeenya bu'aa qabeessa ta'uu isaa ni abdanna. Qaamotni imaammata bocan argannoowwan kana imaammata ykn qajeelfamoota raga irratti hundaa'e hojjechuuf fayyadamuu danda'u, abukaattota koorniyaa immoo, hubannoo fi jijjiiramoota imaammataa cimsuu fi jajjabeessuuf isaan garagaara. Michootni misoomaas gabaasa kana imaammata fi sagantaa biyyaaf itti fayyadamuu danda'u. Hojjetoota miidiyaa, dhimmoota ijoo calaqqisiisuu, haasaa ummataa guddisuu fi itti gaafatamummaa dabaluuf kan gargaaru yoo ta'u, hayyootni immoo hojii kana akka dhagaa tarkaanfiitti fayyadamuun beekumsa dabalataamaddisiisuu danda'u.

Walumaagalatti, qophiin gabaasa qorannoo kanaa fi MDhDH, GA, KDBO, fi GWDI qormaata adda addaa kanneen dubartoota Itoophiyaa mudatan hubachuu fi furuuf kutannoo qaban kan hubachiisudha. Shaakala kana irratti gumaachi isaan taasisan, mul'ata waloo dubartoota Itoophiyaaf egeree haqa qabeessa ta'e bocuuf qaban kan calaqqisiisudha.

GWDI, fi KDBO

| GALATA

Qorannoon Haalaa fi dursawwan dubartoota Itoophiyaa milkaa'inaan raawwachuun kan danda'ame gumaacha namoota dhuunfaa fi dhaabbilee hedduutiini. Qorannoon biyyoolessaa kun akka danda'amuuf amanamummaadhaan deeggarsa maallaqaa kan nuuf godhan Gamtaa Awurooppaaf (GA) galata guddaa qabna. Dubartoota Itoophiyaa aangessuu fi walqixxummaa koorniyaa tarkaanfachiisuuf kutannoon isaanii gatii guddaa kan qabuu fi kan dinqisiifatamudha. Paanaalii Gorsaa Ministeera Dubartootaa fi Dhimma Hawaasummaan durfamu, qajeelcha, ogummaa, fi of kennuun deeggarsa yeroo pirojektiin kun itti hojjetame nuuf kennaniif galata guddaa qabna.

DeeggarsawaajiraaleeDhimmaDubartootaafiHawaasummaanaannolee,magaalotaafiAanaalee irraa argameef beekamtii kennina. Akkasumas Dhaabbilee Mirga Dubartootaa, Waldaalee fi caasaa qorannicha gargaaruu qofa osoo hin taane Qorannoo Hojiirraa Hirmaachisaa (QGH) irrattis hirmaatan irraa deeggarsa arganneerra. Galanni addaa barreessitoota, Ziyaadee Hayiluu, Xilaun Girmaa, Qiddisti Gabrasellaasee, Daanieel Nigaatuu fi Tirsit Sahledingil; hogganaa daataa fi sagantaa qopheessaa Gorum Geetachoo fi itti gaafatamaa to'annoo qulqullinaa, Amanueel Kiroos. Beekamtiin addaa gareewwan bulchiinsa qorannoo Gorsitoota ECON M. fi Gorsa hojii ABAMELA- qindoomina fakkeenyummaa qabu, deeggarsa loojistikii, fi milkaa'ina qorannoo kanaaf kutannoo isaanii fi akkasumas qindeessitoota qorannoo qulqullinaa naannoolee saddeet keessatti gaggeessaniif. Dhuma irrattis, hirmaattota qorannichaa yeroo, muuxannoo fi hubannoo isaanii arjumaadhaan qoodaniif galata onnee keenya irraa madde ni dabarsina. Hojiin kun osoo tattaaffii tumsaa fi of kennuu tokkoon tokkoon nama dhuunfaa fi dhaabbilee armaan olitti ibsaman hin jiraannee galma ga'uu hin danda'u ture. Beekumsaa fi hubannoo yaaddoo dubartoota Itoophiyaa guddisuuf tumsi michootaan taasifamu dinqisiifannaa guddaa qaba

GWDI, fi KDBO

KOTTOONFACHIISTUU FI GABAAJEEWWAN

A.L.I	Akka Lakkoofsa Itoophiyaatti
DhHL	Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa
DhMM	Dhaabbilee Miti Mootummaa
FHD	Fayyaa Haadhaa fi Daa'ima
Fkn	Fakkeenyaaf
FSW	Fayyaa Saalaa fi Walhormaataa
GA	Gamtaa Awurooppaa
GWDI	Gurmuun Waldaalee Dubartoota Itoophiyaa
K.k.f	Kanneen kana fakkaatan
KDBO	Koree Deeggarsa Beelaa Oxford
MDhDH	Ministeera Dhimma Dubartootaa fi Hawaasummaa
MGD	Marii Garee Dubartootaa
QDF	Qorannoo Dimograafii fi Fayyaa
QDI	Qorannoo Dubartoota Itoophiyaa
QGH	Qorannoo Gocha Hirmaachisaa
SEO	Sagantaalee Eegumsa Omishtummaa
YKIH	Yakka Koorniya Irratti Hundaa'e
YSKIH	Yakka Saalaa fi Koorniya Irratti Hundaa'e
Ykn	Yookaan

BAAFAATA

HAALA FI DURSAWWAN DUBARTOOTA ITOOPHIYAA MURTEESSUUF QORANNOO GAGGEFFAME

SEENSA.....	i
GALATA.....	ii
KOTTOONFACHIISTUU FI GABAAJEEWWAN.....	iii
1. SEEN-DUUBEE.....	1
1.1 SEENSA	1
1.1.1 Haala Waliigalaa Qorannichaa	1
1.1.2 Kaayyoo Qorannichaa	2
1.1.3 Qindoomina Gabaasa Qorannichaa	2
1.2 Haala Waligala Mala Qorannichaa	2
1.2.1 Mala Qorannichaa	2
1.2.2 Mala Qorannoo Akkamtaa	3
1.2.3 Maloota Walmakaa	4
1.2.4 Qormaataa fi Hanqina Qorannichaa.....	4
1.2.5 Bu'uura Xiinxala Ragaalee	5
2. ARGANNOOWWAN IJOO.....	6
2.1 JIREENYA DUBARTOOTAA KEESSATTI DHIMMOOTA MURTEESSO ..	6
2.1.1 Haala Diinagdee Dubartootaa	6
2.1.2 Haala Fayyaa Dubartootaa	8
2.1.3 Qaqabummaa Barnoota Dubartootaa.....	9
2.2 QORMAATA FI DANDAMACHUU	10
2.2.1 Yakka Saalaa fi Koorniyaa Irratti Hundaa'e	10
2.2.2 Psychological Well-Being and Coping Mechanisms	10
2.2.3 Women's Access to Justice.....	11
2.3 Hawwii Fi Ejensi.....	11
2.3.1 Kaka'umsa Dubartootaa fi Sadarkaa Dursi Itti Kennameef	11
2.3.2 Hirmaannaa Siyaasaa fi Lammummaa	11
2.3.3 Haala Nagaa fi Tasgabii.....	12
3. CUUNFAA FI YAADOOTA FURMAATAA.....	13
3.1 CUUNFAA	15
3.2 Qormaata fi Dandamachuu.....	15
3.3 YAADOTA FURMAATAA	17
WAABIILEE.....	26



HAALA FI DURSAWWAN DUBARTOOTAA ITOOPHIYAA MURTEESSUUF QORANNOO GAGGEFFAME

1 Seen-duubee

1.1 Seensa

1.1.1 Haala Waliigalaa Qorannichaa

Mootummaan Itiyoophiyaa walqixxummaa koorniyaa fi dubartootaa aangessuu dagaagsuuf kutannoo cimaa kan qabu yoo ta'u, tarkaanfiiwwan dhaabbilee fi imaammataa galmoota kana deeggaran hedduu fudhateera. Walqixxummaan saalaa fi dubartootaa aangessuun akka hojii ijoo biyyaalessaa fi wiirtuu bu'uuraalee imaammataa, seeraa fi dhaabbilee hundaati. Kanaaf, mootummaan dhaabbilee hunda keessatti dhimmicha akka dhiimma ijoo bakka hundaatti hojjiirra ooluu qabu taasiseera. Kanaas dhugoomsuuf danbiwwaan, seerota fi tarsiimoon dubartoota fayyadu bal'aan hojjiirra akka oolan taasifamaniiru. Koorniyaa idileessuun, karoora misooma biyyoolessaa ijoo fi karoora damee addaa bakkewwan akka fayyaa, barnoota, industirii fi kkf keessatti ta'eera. Kana cimsuuf caasaan dhaabbilee adda addaa qindoominaa fi hordoffii koorniyaa walsimsiisuuf hojjiirra jiru.

Tattaaffiiwwan kunneen jiraatanis, barteewwan fi gochothni koorniyaa, akkasumas waldhabdee fi jeequmsi dabalaa dhufuun, hojii dubartootaa guddisuuf taasifamu keessatti qormaata ta'eera.

Dubartoonnii fi shamarran waldhabdee baachuudhaan, rakkoolee yakka saalaa (sexual violence) fi gochoota jibbisiisoo kannen birootiin miidhamuun isaanii itti fufee jira. Gabaasni kun madaalli baldhaa haala dubartootaa, aantummaa isaanii fi maalummaa rakkoo isaanii kanneen akka rakkoowwan ijoo dubartoonni fi shamarran haala amma Itoophiyaa keessa jiru qabatee dhiyaate.

Tattaaffiiwwan qorannoo kanaan dura yaaadoota wal qabatan irratti godhaman faayidaa kan qabu ta'us, xiyyeeffannoon isaa bakka waldhabdee muraasa, dhimma koorniyaa muraasaa fi kan yeroo ammaa kan hin qabaatne ta'uun isaa hiirdhuu fi gaalee akka akka ta'u godheera. Fakkeenyaaf, ragaan bakka bu'oota sadarkaa godinaattii qorannoowwan biyyoolessaa kanaan dura hojjetamaniin muraasni kan walitti qabame yoo ta'u, kunis barbaachisummaa hubannoo gadi fagoo haala naannoo kan mul'isudha. Kana malees, odeeffannoon tokko tokko kan yeroon itti darbe waan ta'aniif qorannoon kun barbaachisaadha. Kun hundi murtee odeeffannoo irratti hundaa'ee fi gidduu seensa bu'aa qabeessa ta'e gufachiiseera

Kanaafis gabaasa qorannoo sadarkaa fi dursa dubartoota Itoophiyaa akka jalqabbii addaa ta'etti mul'atee gumaacha hedduu taasisa, qorannoon bal'aan kun odeeffannoo faffaca'e sirnaan walitti fiduudhaan gara kuusaa odeeffannoo jalqabaa walitti hidhamee fi yeroo isaa eeggateetti dhiyeessuun dhimma kana sirreessuuf kan kaayyeffate ture. Qorannoon kun mala ragaa hundaa fayyadamuun (census) fudhachuudhaan, odeeffannoo qulqullinaa fi baay'inaan fayyadamuun jireenya dubartootaa ilaalcha waliigalaa bal'aa dhiyeesse hojiin rakkoo kana hir'isuuf akka riqichaatti gargaaru jedhamee yaadamu kun tattaaffii hanga ammaatti bal'aan ta'e keessaa tokko yoo ta'u, guutuu biyyattii keessatti namoota 36,367 af-gaaffii gochuun dubartoota 440 naannolee 8 keessatti gareedhaan marii irratti hirmaachiseera

Qorannoon kun qaamota imammata hojjetan, abukaattota koorniyaa, midiyaalee, fi qorattoota dabalatee qooda fudhattoota hedduudhaaf akka qabeenyaatti tajaajila. Qaamotni imaammata hojjetan argannoowwan argamanitti fayyadamuun immaammata raga irratti hundaa'ee fi walqixxummaa saalaa fi dubartoota aangessuu guddisan qopheessuu danda'u.

Qorannoon kun leelliftoota koorniyaaftattaaffi hubannoo uumuu, jijjiirama imaammataa leellisuu, gamaggamuu fi kanneen jiran hojiirra oolchuun jijjiirama hawaasaa ooffu keessatti fayidaa akka qabu ni argatuHojjettoonni midiyaa odeeffanno kana fayyadamuun dhimmoota ijoo calaqqisiisuu fi haasaa uummataa guddisuu danda'u, kunis hubannoo fi itti gaafatamummaa akka dabaluu gumaacha. Hayyoonni argannoo gabaasaa kanaa gabaasa irratti hundaa'uun beekumsa dabalataa maddisiisuu danda'u.

Walumaagalatti, shaakala kanaan MDhDH, GA, KDBO fi GWDI qormaata adda addaa dubartoota mudatan hubachuun, dhimmota adda addaa soschii dinagdee, hawaasummaa, siyaasaa fi kan biroo dubartootaa hubanii fi kallattii adda addaan guddina dubartootaa qancarsan qoratamee furmaata akka argachuu danda'uuf maallaqaa fi yeroo isaanii arjoomaniiru. Kanuma dhugoomsuuf, dhimmoota daanga'aan muraasa irraatti qorannoon hojjechuuf kakaaneerra.

1.1.2 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon waliigalaa qorannoo kanaa haalaa fi fedhii dubartootaa irratti raga baldhaa waa'ee haala dinagdee, barnoota, fayyaa, yakka saalaa, fi koorniyaa irratti hundaa'ee, fayyaa qaamaa, hirmaannaa siyaasaa, nagaa fi tasgabbiif argannoo haqaa kallattii hedduutiin funaanuufidha. Odeeffannoon kun kan walitti qabame hammamtaannaanolee 12 fi bulchiinsa magaalotaa 2 keessatti manaa manatti kan gaggeeffamee yoo ta'u, kunis godinoota, magaalotaa fi kutaawwan magaalaa Itoophiyaa 119 kan haammatedha. Kana malees, QGH fayyadamuudhaan odeeffannoo akkamtaan garee dubartootaa 22 ta'an irraa naannolee saddet keessaa walitti qabame. Maloota lamaan kana walitti makuudhaan qorannichi gabaasa bal'aa ta'e maddisiisuu fi imaammata fi kaka'umsa uumuudhaan dubartoota gahoomsuu ykn aangessuu irratti gumaachuuf kan xiyyeeffatedha.

1.1.3 Qindoomina Gabaasa Qorannichaa


Gabaasni kun qorannoo jiruu fi jireenya dubartoota Itoophiyaa irratti gaggeeffame ilaalcha waliigalaa kan dimogiraafii, agarsiistota dinagdee, fayyaa, barnoota, fi dandamannaa irratti xiyyeeffate kan kennudha. Akkasumas, babal'ina yakka koorniyaa irratti hundaa'e, nageenya xiinsammuu dubartootaa, fi qaqqabummaa haqaa irratti xiyyeeffannoo ni taasisa. Gabaasichi galii, nageenya irraa eegamu, fi hirmaannaa siyaasaa dabalatee hawwii fi ejensii dubartootaa galii, nageenya irraa eegamu, fi hirmaannaa siyaasaa keessatti qabanqorata. Gabaasichi yaadaa cuunfaa fi yaada furmaataa qaamoolee immaammataa hojjetanii fi saganteessitoota gidduu seentotaaf ni kenna.

1.2 Haala Waliigala Mala Qorannichaa

1.2.1 Mala Qorannichaa

Qorannoon dubartoota Itoophiyaa(QDI) saamuda bal'aa kan maatii keessaa dubartoota umuriin isaanii waggaa 15 fi isaa ol ta'e magaalaa fi baadiyyaa Itoophiyaa keessatti argaman kan haammatu, naannoo nageenya hin qabne osoo hin dabalatin irratti hojjetee. Qorannoon kun saamuda bakka bu'aa maatii 36,330 naannoo lakkoofsa 1,211 irraa kan fudhatame yoo ta'u, bakkeewwan saamuda kanEjensii Istaatistiksii Giddugaleessaa Itoophiyaa bara 2018/19 qopheesse fayyadameera. Caasaan ykn qabiyyeen (frame) qorannichaa, bakkeewwan lakkoofsa (Enumeration Area) 147,602 ta'anii fi baay'ina maatii tilmaamamee kan qaban tarreessuudhaan dizaayinii saamudhaa kilaasteraan sadarkaa sadii qabu fayyadameera.

Gaaffin qorannoo kunis gama adda addaatiin dubartootaa aangessuu xiyyeeffachuun of eeggannoodhaan kan qophaa'e yoo ta'u, odeeffannoo bu'a qabeessa ta'e walitti qabuu fi dijiitaala taasisuuf Kobotolbox fayyadameera. Gaffiichis mata dureewwan 7 kanneen akka haala hawaas-dinagdee, yakka koorniyaa irratti hundaa'e, fayyummaa xiinsammuu, argannoo haqaa, dursawwandubartootaaf kennaman, hirmaannaa siyaasaa, nagaa fi tasgabbiif kan hammatedha. Qorannichideebii kennitoota umuriin isaanii waggaa 15 fi isaa ol ta'an waliin af-gaaffin fuula fuulatti ta'een raawwatame.



Hojjetoota dirreef, ragaa funaantota 160, to'attoota 30, fi qindeessitoota 5 qacaruuudhaan, ogeeyyiwwan muuxannoo qabaniin leenjiseera, akkasumas bu'a qabeessumma fi amanamumma(reliability) gaaffille mirkaneessuuf yaaliin jalqabaas taasiiseera.

Hojiin dirree qorannichaa, leenjii booda hatattamaan kan eegale. yoo ta'u, Onkololeessa 3 irraa kaasee hanga Muddee 1, 2023 tti kan ture fi naannolee ykn bakkeewwan lakkoofsa 1233 keessatti magaalaa fi baadiyyaa keessatti maatiiwwan 36,990, irratti gaggeeffame.Odeeffannoon kan walitti qabame gaaffii caaseeffame fayyadamuudhaan, akkasumas to'annoo fi haala isaa hordofuuf Microsoft dashboardidhaan deeggaramheetu. Xiinxalli fi Odeeffanno qulqulleessuun SPSS, STATA, fi Excel jedhamanfayyadamuudhaan kan raawwatame yoo ta'u, gabateewwan istaastiksii, graafii, chaartii fi uumuudhaan hojjetameera. Odeeffannoon marii dubartootaa irraa argame barreeffameera, gabaabsamee ibsameera, fi xiinxalli mata dureewwaniis godhamera.

1.2.2 Mala Qorannoo Akkamtaa ykn Qulqulleetti

Malli Qorannoo Gochaa Hirmaachisaan, odeeffannoo walitti qabuu fi xiinxaluufmala bal'aa fi walta'iinsaa ykn waliin hojjechuu ta'e fayyadameera. Innis naannolee Itoophiyaa saddeet keessatti kan raawwatame yoo ta'u, Fuulbaana 20, 2023 irraa eegalee hanga Mudde 31, 2023 tti, walta'insa hoogganaa to'attootaa qorannoo, qondaaltota Piroojeektii, fi bakka bu'oota Dhaabbilee Mirgoota Dubartootaa kan of keessatti qabudha. Naannoleen QGH itti gaggeeffame godinotaa, aanota, fi gandoota isaanii dabalate gabatee armaan gadiin keessatti ibsamanaiiru.

- Bulchiinsa magaalaa Finfinnee: Kutaalee magaalaa fi Aanoolee sadii
- Bulchiinsa naannoo Amaaraa: Magaalaa Baahir Daar
- Bulchiinsa naannoo Oromiyaa: Mattuu, Godina Iluu Abbaa Boor, Aanoolee fi Gandoota Mattuu
- Bulchiinsa naannoo Benishangul-Gumuz: Asoosaa
- Naannoo kibba Itoophiyaa: Godina Gaamoo, Aanaalee/Gandoota Arbaa Mincii zuuriyaa
- Bulchiinsa naannoo Tigiraay: Aanoolee Maqaalee, Hawuuzen, fi Hageresalaam
- Bulchiinsa naannoo Affaar: Godina I, Samaraa, Logiyaa, Dubtii
- Bulchiinsa naannoo Somaalee: Godina Faafan, Baabilii, Awabaare, Aanoolee Tulee Guleed

Naannolee QGH itti gaggeeffame



Naanoo Amaaraa irraa kan hafe tokkoon tokkoo naannootti gareen dubartootaa sadiitu hundeeffamee, walumaa galatti garee dubartootaa 22 naannoolee saddeet keessatti ijaaramanii turan. Tokkoon tokkoo garee Dubartootaa miseensota 20 kan of keessaa qabu yoo ta'u, walumaa galatti miseensotni 60 naannoo tokkoon tokkoo keessatti qindaa'anii turan. Naannoo tokkoon tokkoo keessatti dubartoonni 180 MGD irratti hirmaataniiru, walumaa galatti miseensota dubartootaa 440 naannoolee saddeet keessatti qindaa'aniitu irratti hirmaateera.

Dabalataanis, adeemsa qorannoo fi gahee isaanii irratti qooda fudhattoota QGH kan ta'aniif qajeelfama fi meeshaalee QGH irratti guyyoota shaniif workshoppiin qophaa'eera.

Malli QGH tooftaalee odeeffannoo walitti qabuu adda addaa kanneen akka MGD af-gaaffii odeeffattoota ijoo (key informants), hojii guyyaa guyyaa, fi daangaawwan yeroo fayyadameera.

1.2.3 Maloota Walmakaa

Gabaasni ammaa kun mala qorannoo walmakaa fayyadamamuun uumame. Sababni isaas goolaba akkamta fi hammamta keessatti hunderraa jabeessuu fi hanqinoota hirdhisuudhaqofaa osoo hin hin taane argannoo madda raga tokkoon argame hangam isa biro waliin akka deemu ilaalaa deemuuf ni gargaara.

1.2.4 Qormaataa fi Hanqina Qorannichaa

Qorannichi tarkaanfiiwwan karoora tarsiimoo fi madaqsuu ykn itti baruubarbaachisan mudateera. Qorannoon kun naannoolee tokko tokko bakka walldhabdeen/lolli jiru keessatti kan raawwatame waan ta'eef odeeffannoo funaanuu irratti haala naannichaa walxaxaa taasiseera. Kana malees, walirraa faffagaachuu bakkeewwaan qorannoo irraa kan ka'e hanqinni loojistikisi mudateera.

Kana malees, naannoolee akka Somaalee keessatti waqtiin roobaa waan tureef sosochii hojjetoota dirree ulfaataa taasiseera. Kana malees, naannoo Amaaraatti fayyadamni interneetii daangeffamee waan tureef, warri odeeffannoo funaanoo gara magaalota gurguddootti deebi'anii ragaa olkaa'uuf akka imalan gochuun adeemsa odeeffannoo walitti qabuu irratti harkifannaa akka uumamu taasiseera. Naannoolee dhaqqabuuf rakkisaa ta'etti dubartoota odeeffannoo walitti qaban gahaa ta'an ramaduun qormaata ta'uu danda'eera. Akkasumas, naannoo Amaaraatti yeroo odeeffannoon akkamta walitti qabamu rakkoo nageenyarraa kan ka'e labsiin yeroo muddamaa sosochii fi hawaasa walitti qabu irratti danqaa ta'uu danda'eera. Kana irraa kan ka'e QGHn kan gaggeeffame Bahar daar qofa keessaatti yoo ta'u dhalaa nama 20 hirmaachiiseera.

Qormaata kana furuuf qorannichi kutannoo fi muuxannoo namoota odeeffannoo guutuu fi raga funaanuun muuxannoo fi kanaan dura Tajaajila Istaatistikisii Itiyoophiyaa (ESS) waliin hojochuu isaanii mirkanaa'een naannoo murtaa'e irraa fagaachuudhaan raga akka funaanoo taasifameera. Yeroo sanatti godinoota keessatti walldhabdeen ture hanbisuuf murteen godhameera, kanaafis balaawwan hin beekamnes hanbifamaniiru sababni isaas odeeffannoo funaanamu amansiisaa fi sirri akka hin taane godha. Haa ta'u malee bakkeewwan akkasii kanatti gareen qorannoo kanaa guutumatti odeeffanno walitti qabuu hin dhiisne, bakka isaa odeeffannoon karaa QGHn walitti qabame.

Godinootni rakkoo nageenyaaaf ragaa irraa guuruun hafe; naannoo Amaaraa keessaa godina Gondar Kibbaa fi Gojam Bahaa, Tigraay keessaa Tigraay Lixaa fi Tigraay Kibbaa, Oromiyaa keessaa, Horroo Guduru Wallagaa, Qeellem Wallagaa, Lixa Wallaggaa, fi Wallaga Bahaati

Haaluma walfakkaatuun, naannoowwan odeeffannoo walitti qabuuf haalli qubannaa uummataa faffaca'aa ta'an bira gahuuf rakkisaa ta'an tokko tokko loojistikisii sirreessuun bakka buufamaniiru. Rakkooolee akka tasaa uumaman dursfamee tilmaamuun dandamachuun waliigalaa hojii qorannoo milkeessuun danda'ameera. Kana gochuun qorannicha sadarkaa karoofameen milkeessuun danda'ameera. Kanuma bu'ureeffachuun, karaa of eegannoo qabuun xinxalamee hiikkaa argatee argannoo barbaachisu adda baheera.

1.2.5 Bu'uura Xiinxala Ragaalee

Bu'uura gahoomsuu Dubartootaa bu'uura yaad-rimee bal'aa ta'ee fi gama adda addaan dubartoota gahoomsuu fi hirmaannaa isaanii guddisuuf qophaa'eedha. Innis Jalqaba hayyoota koorniyaa fi misooma dubartootaa kanneen akka Kabeer (1999), Rowlands (2016) fi kanneen birootiini, bu'uuri kunis wantoota dubartootaa aangessuf gumaachanii fi danqaawwan isa gufachiisan hubachuuf fala kan kennudha.

Waltajjiin Dubartootaa gahoomsuu ykn cimsuu qaamolee murteessoo hedduu of keessatti hamate bakka adda addaatti walgahee mari'achuu danda'eera. Kaayyoon waltajjichas dubartoota dinagdee irraatti aangomsuun isa ijoodha yoo ta'u, qabeenya maallaqaa argachuu fi to'achuu, gabaa hojii keessatti hirmaachisuu, fi mirga qabeenya isaanii irraatti murtee dinagdee keennuu isaanii fooyyeessuurratti xiyyeeffata.

Barnoota irratti aangomsuun kan itti aanudha. Innis carraa barnoota argachuu, baratanii xumuruu, dandeettii dubbisuu, fi barreessuu, fi shallaguu isaanii fooyyeessuu fi carraa barumsaa umurii guutuu fi guddina ogummaa isaanii kan of keessatti hammatedha. Fayyaa irratti angoomsuun immootajaajila eegumsa fayyaa, fayyaa walhormaataa, deeggarsa fayyaa sammuu, fi fayyaa waliigalaa mirga argachuu isaanii kan ilaallatudha.

Xiinsammuudhaan gaahoomsuunis bu'uurruma dubartoota gahoomsuu yoo ta'u ofitti amanamummaa, of danda'uu, fi miidhaa xiinsammuu ykn dirqisiisuu irraa bilisa ta'uu waliin kan walqabateedha. Dubartoota siyaasaa fi lammummaadhaan aangomsuun hirmaannaa isaanii adeemsa siyaasaa keessatti, bakka bu'ummaa isaanii qaamolee murtii kennan keessatti, fi sochii lammummaa irratti hirmaachuu ilaallata. Hawaasummaa fi aadaadhaan dubartoota aangessuun, dhiibbaa safuu koorniyaa, gochaalee aadaa, deeggarsa maatii, fi hariiroo hawaasaa qorata. Seeraa fi abbaa seerummaan angeessuun, dubartoonni haqa argachuu, hubannoo seera, fi yakka saalaa irratti hundaa'e irratti eegumsa argachuu fi mirga seera kabachiisuu illaallata.

Dhuma irratti, nagaa fi tasgabbiin kan walqabatedha. Innis hammam walldhabdee fi yakka irraa bilisa ta'an, hirmaanna adeemsa nagaa ijaaruu keessatti fi, akkasumas nageenya waliigalaa isaanii bakkeewwan mootummaa fi dhuunfaa keessatti kan of keessatti hammatedha. Dabalataanis, qaamoleen bu'uura kanaa humneessuu seeraa fi abbaa seerummaa, akkasumas humneessuu fayyaa dhimmoota yakka saalaa fi koorniyaa irratti hundaa'e waliin walqabatan madaaluu wajjin haala gaariin walsimu. Kunis bu'a qabeessummaa eegumsa seeraa fi sirna deeggarsa amma jiru madaaluuf bu'uura ni kenna. Caasaan dubartoota humneessu maloota odeeffannoo funaanuu akkamta and hammamta ni deeggara, sababni isaas mala qorannoo kanaa keessatti hojiirra oola.

Bu'uura Xiinxala Ragaalee 2023

Haala fi Dursawwan Dubartoota Itoophiyaa

Dubartoota Gahoomsuu

Diinagdee fi Hawaasaa

Dinagdeen gahoomsuu.
Fayyaan gahoomsuu.
Barnootaan gahoomsuu.

Kaka'umsaa fi Ejennsii

Hirmaanannaa siyaasaa
fi lamummaa keessattii.
Nagaa fi tasgabbiin argachuu.

Carraawwanii fi Damdamannaa

Eegumsa YSKIH irraa.
Xinsammuun gahoomsuu.
Argannoo haqaa.

Kaka'umsa Dubartootaa fi Sadarkaa Dursiitti Kennameef

Qormaata fi Dandamachuu

Qaqabummaa Barnoota Dubartootaa

Haala Diinagdee Dubartootaa

Hawwii fi Eiensii

Nagaa fi Tasgabbii

2 Argannoowwan Ijoo

2.1 Jireenya Dubartootaa Keessatti Dhimmoota Murteessoo

Kutaan waraqa qorannoo kun gudunfaa jiruu fi jireenya dubartootaan walqabatan; ragaalee diinagdee irraajalqabee hanga fayyaa fi nageenya dubartootaatti kan of keessatti qabatudha.. Ragawwan barbaachisoo kanneen akka barumsaa fi carraan barnootaas dabalamaniiru keessattuu, dhimmootni ijoon kan akka dandeettii barreessuu fi dubbisuu, dandeettii dijiitaalaan barreessuuu fi dubbisu, galma barnootaa fi shallaguu dubartootaa irratti xiyyeeffannoo addaa godhameera.

2.1.1 Haala Diinagdee Dubartootaa

- Hirmaanaan dinagdee dubartootaa irratti jijjiiramni muraasni jiraatus, garaagarummaa koorniyaa guddaan kan jiru yoo ta'u, dubartoonni harki caalaan isaanii hojii ofii isaanii hojjechuu ykn hojii maatii kaffaltii malee irratti bobba'u.
- Qorannichaan duratti guyyoota 7n darban keessatti waa'ee hirmaannaa isaanii gaafatamaniin, dubartoota gaafataman keessaa 27.3% hojii diinagdee oomishaa keessatti hirmaachuu isaanii, 41.3% hojii mana keessaa, fi 17.8% hojii oomishaa fi mana keessaa irratti bobba'uu isaanii ibsan. Kana jechuun dubartoonni 45.1% ta'an hojii oomishaa keessaa hojjetu. Argannoowwan dinagdeedhaan aangessuu kun argannoo Hojjetota Humnaa fi Godaansaa (ESS, 2021), kan dubartootni 42.2% ta'an guyyoota turban qorannoo dura qacaramanii hojjetan argate waliin walbira qabuun ni danda'ama.
- Odeeffannichi akka agarsiisutti dubartootni gartuu umurii hundaa, naannolle fi manneenii keessaa 82.5% ta'andalagawwan mana keessaa kanneen akka nyaata bilcheessuu fi qopheessuu irraatti kan hirmaatanidha. Ragaan kun dalagawwan dubartootaa bebbeekamo kanneen itti aanan kan akka meeshaalee fi mana qulqulleessuu kan 4.1% qofaan gabaafametiin garaagarummaa guddaa qaba.
- Akka ragaan agarsiisutti dubartoonni 59.6% ta'an mana jireenyaa ofii isaanii qabu. Isaan keessaas 75% maatii waliin qabu. Kanatti aansees dubartootni 19.6% ta'an immoo abbaa qabeenyummaa mana jireenyaa dhuunfaan qabu. Kanneen hafan 5.3% immoo lamaan isaa ni qabu.
- Dubartoota deebii kennuu keessatti hirmaatan keessaa 40.4% ta'an, lafa qonnaa akka qaban kan himame yoo ta'u, isaan keessaa 74.8% waliin qabu, 21.7% kophaa isaanii fi 3.6% lammaniin ykn dhuunfaa fi waliin kan qaban ta'uu isaaniiti. Dabalataan, Dubartoonni gara 15% ta'an sanada abbaa qabeenyummaa lafa qonnaa isaanii ibsu kan hin qabne yoo ta'u, 60.1% ragaa lafaa qabaachuu himan.
- Dubartoonni Itoophiyaa qorannoo kana keessatti hirmaatan harki caalaan isaanii galtee qonnaa kanneen akka sanyii fooyya'aa 57.7%, xaa'oo keemikaalaa (65.5%), qoricha farra aramaa/qoricha ilbiisota/marga (60.9%), fi sangaa qonnaa (51.7%) akka fayyadaman dubbatu. Kana malees dubartoonni harka 51.7% ta'an mala biyyee fi bishaan kunuunsuu ni beeku. Haa ta'u malee, dubartoonni harki caalaan isaanii jallisii (73.6%) fi tajaajila sagantaa ekisteenshinii (62.3%) argachuu hin danda'an.
- Dubartoonni tokko tokko qabeenyaafi faayinaansii ilaalchisee murtee waloo irratti hirmaatanis, ammallee baay'een isaanii qabeenya dinagdee fi murteewwan ijoo irratti hin hirmaatan, keessumaa maatii dhirotan durfaman keessatidubartoonni gaa'ela qaban harki guddaan isaanii murtii qabiyyee abbaa warraa isaanii waliin ta'uun akka murteessan kan gabaasan yoo ta'u, raabsiin isaa liqii irratti 83.5% (mana ykn lafa akka wabiitti fayyadamuu) hanga galii gurgurtaa irraa argamu to'achuu irratti 92% ta'ee hubatameera.



Haala Diinagdee Dubartootaa

27.3%
Hojii diinagdee oomishaa keessatti hirmaachuu isaani

41.3%
Hojii mana keessaa

17.8%
Hojii oomishaa fi mana keessaa irratti bobba'uu isaanii ibsan

- Dubartoonni gaa'ela qaban ykn heeruman keessaa gara 12.7% lafa akka wabiitti fayyadamuun murtii liqii ilaalchisee kennamu irratti kan hin hirmaanne yoo ta'u 9.7% immoo mirgi qabeenya dabarsuu ykn lafa maatii kireessuu kan hin qabne ta'uu hubatameera.
- Akkasumas, dubartoonni heeruman baay'inaan murtoo galii argatan (33.1%) to'achuu kan hin dandeenye, galii haadha warraa isaaniitiin argatan or earned by their spouses (31.6%) bittaa manaa (32.3%) fi kan hafan oomisha gurguruu irratti (29.4%) fi liqii isheen argatte akkamitti akka itti fayyadamtu (24%) dhiironni qofaan kan murteessan ta'uu isaati.
- Dubartoonni maatii dhiiraan durfamu keessa jiran keessaa gara 42.8% lafa qonnaa akka qaban kan himan yemmuu ta'u, dubartoonni 4.1% hanga 12.7% ta'an immoo murteewwan lafa wal qabatan garagaraa keessatti hin hirmaatan Kana malees, dubartoota gaa'ela qaban keessaa gara 33.1% galii karaa IGA argatan irratti murtii kennuu hin danda'an.. Kana malees, dubartoonni maatii dhiirootaan durfaman keessa jiran keessaa 2.8% madda idilee irraa liqii fayyadamuu isaanii kan himan yoo ta'u, 24% kan ta'an immoomaallaqa liqiidhaan argatan akkamitti akka itti fayyadaman irratti carraa muurtii murteessuu hin argatani.
- Dubartoonni harki caalaan (57.3%) lakkofsa herrega baankii kan hin qabnee fi dubartoota herrega baankii qaban keessaa, (38.4%) dhuunfaadhaan qabu (4.3%) immoo maatii waliin kan qabanidha.
- Odeeffannichi akka mul'isutti miseensummaan dubartootaa dhaabbilee keessatti daangeffamaadha. Miseensummaan dubartootaa dhibbeentaan ol'aanaan waldaalee dubartootaa (9.6%) keessatti kan argamu yoo ta'u, itti aansuunis garee of gargaaran (4.3%), waldaalee dargaggootaa (2.4%), waldaalee ogummaa (1.5%) fi maayikiroo of interpraayisii xixiqqoo (1.4%) fi gamtaa daldaloota (1.4%). Haa ta'u malee, lakkoofsi waliigalaa gosoota hunda keessatti mul'atu, ammallee bakka bu'ummaa dubartootaa fi Hirmaannaa dubartootaa dhaabbilee adda addaa keessatti fooyya'iinsi akka jiru agarsiisa.
- Dubartoonni qorannoo kana keessatti hirmaatan harki caalaan isaanii yaaddoo haala hin baratamneen dabaluu gatii nyaataa (60.3%), daballii gatii ykn dhabammuugalteewwanii (42.6%), yakka / jeequmsa naannoo (20.9%), waraanaan mmiidhamuu (20.8%), caamsaa (14.4%) fi dhukkuba miseensa maatii (13.2%) dhaan miidhammaa jiraachuu isaanii ibsanii jiru. Yaaddoowwan olaano lamaan dubartoota maatii dhiiraan hoogganaman fi dubartoota maatii dubartiin hoogganaman gidduu garaagarummaan guddaan hin jiru. Haa ta'uu malee garaagarummaan ni jira, isaanis waraanni ykn lolli maatiwwan dubartootaan hoogganaman caalaatti kan miidha fi dhukkubsachuun miseensa maatiis caamsaa caalaatti ni miidha.
- Akka bu'aan qorannoo akka agarsiisutti dubartoota gaafataman dhibbentaadhaan 8.2% yeroo ammaa fayyadamtoota SEO ta'uun galmaa'aniiru. Lakkoofsi kun SEO'n fayyadamtoota maatiwwan fi aanolee nyaataan of hin dandeenye irratti xiyyeeffachuun gara 10% ummata Itoophiyaa irratti xiyyeeffate waliin kan walsimuudha. Sagantaa eegumsa hawaasummaa kanaan alatti, dubartoonni 11.5% qorannoo kanaan dura ji'oota 12n darban keessatti gargaarsa namoomaa irraa fayyadamoo ta'uun isaanii ibsaniiru.

- Akkasumas, bu'aan qorannoo argannoo QGH irraa argames gufuulee gurguddoo dubartoota dinagdee irraatti angoomsuu wal qabatu kan agarsiisudha. Gufuwwan kunis akka dhuunfaatti, maatiitti, fi sadarkaa hawaasatti kanneen akka muldhata daanga'aa, yeroo to'achuu dhabuu, bal'aatti kan mul'atan yemmuu ta'u jiruu fi jireenya isaanii irraatti qormaata akka ta'eetti adda baheera. Sababootni kunis mul'ata dubartootaa daangessuu, bulchiinsa gaarii yeroon barbaadu dhabuu, fi gahee lamummaa biyyaa keessa qoodinsa gad aanaa qabaachuu ta'uu qorannichi irra gaheera. Argannoon kun Marii garee Dubartootaa naannolee akka kutaalee magaalaa Finfinnee sadii fi Assosa (Benishangul-Gumuz) keessatti gaggeeffamaniin kan adda bahedha. Dabalataanis, dubartoonni yaada daldalaa, leenjii, fi dubbisuu fi barreessuu faayinaansii argachuu irratti gufuun kan isaan mudatu yoo ta'u, kunis guddina dinagdee isaanii kan gufachiisu ta'uu marii garee dubartootaan aanolee naannoo Arbaa Minci (Kibba Itiyoophiyaa) taasifameen hubachuun danda'ameera.
- Kana malees, haalli yeroo walldhabdee fi walldhabdee boodaa gabaa fi bu'uuraalee misoomaa jeequun, baay'inadubartoota hojii dhabanii olkaasuu danda'eera. Bu'aan marii garee dubartootaaanaalee Maqaalee, Hawuzen, fi Hageresalam (naannoo Tigraay) keessatti gaggeeffame akka agarsiisutti, jeequmsi koorniyaa irratti bu'uureffate, yakka maatii, fi naannoo walitti bu'iinsi miidhame keessatti maatiin dubartootaan hooggananan baay'achuudhaan dubartootni carraawwan akka miindfamuu, investimentii, walqixxummaa hawaasummaa fi dinagdee argachuu dhabaniiru.

2.1.2 Haala Fayyaa Dubartootaa

- Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, dubartoonni irra caalaan isaanii 73.6% tajaajila eegumsa fayyaa argachuu akka danda'an kan amanan yoo ta'u, baay'een isaanii garuu 81.5% tajaajilichi akka jiru qofaa beeku.
- Karaa biraa qorannichi hanqinni bu'uuraalee eegumsa fayyaa dhaabbilee tajaajila fayyaa keessaatti kan jiruu fi keessumaa iddoowwan waraanni turee fi baadiyyaatti kan hedduummatu yoo ta'u hedduummatu fi dubartootni tajaajila FSW akka hin arganne godheera. Argannoon QGH akka ibsutti, naannolee magaalaa kanneen akka Addis Addis Ababaa keessatti dhaabbanni fayyaa jiraatus, rakkoowwan akka argama qorichaa fi qaala'iinsaa gatii fi dhabamuun qorichootaa murtessoo ta'anii ni jira. Tigraay keessatti keessumaa bakkeewwan buqqaatota keessatti dubartoonni sababa dhabamuu qorichootaa fi hanqina ulaagaalee irraan kan ka'e hanqina tajaajila eegumsa fayyaatiin mudatamanii jiru.
- Dubartootni rakkoo gama tajaajila fayyaan walqabatee rakkoowwan adda addaa akka armaan gadiitti yemmuu ibsaniiru. Innis baasiin tajaajila eegumsa fayyaa olaanaa ta'uu (30.2%) fi, dhabamuun inshuraansii fayyaa (26.3%) dubartoonni tajaajila eegumsa fayyaa akka hin arganneef gufuu guddaa ta'uu isaa ibsaniiru. Dabalataanis, geejjiba dhabuu (15.1%) fi yeroo dheeraa eeguun (10.9%) gufuu guddaa ta'uun, hanqina loojistikisii fi bu'uuraalee misoomaa ta'u ibsa. Rakkichis kan baayyatu irra caalaatti naannolee baadiyyaatti dha.
- Qorannoo kana keessatti dhimmi adda bahe kan biraan, dubartoonni 36.3% ji'oota 12 darban keessatti HIV/AIDS dabalatee fayyaa saalaa fi walhormaataa ilaalchisee odeeffannoo argachuu isaanii himaniiru.
- Akkasumas argannowwan akkamtaa, rakkoowwan waa'ee fayyuummaa saalaa fi qaama wal hormaataa irratti dubartoota mudataa jiran irraatti xiyyeeffataniiru. Kanneen kana irraa hafan isumayyuu kan hin arganne ta'uu lafa kaa'aniiru. Namootni dhimma kana irraatti hojetan dubartoota waliin wal gahanii kan hin barsiifinne fi naannoo baadiyyaatti dhimmicha irraatti dubbachuun saalfii/qaanii(taboo) akka ta'ee hafetti deebisootni yaada isaanii kenaniiru.
- Akka ragaan qorannoo kanaa agarsiisutti, dubartoonni 60.7% ta'an yeroo ammaa mala karoora maatii bifa tokko tokko fayyadamaa jiru. Kan hafan kanas hin fayyadaman jechuudha. Innis Xiinxallanaannoo naannootti garaagarummaa guddaa kan mul'isu yoo ta'u, keessumaa harki caalaan dubartoota naannoo Kibba lixa Itoophiyaa (84%) fi Finfinne (73.5%) malicha kan fayyadaman yoo ta'u, naannoo Somaaleetti (20.5%) garuu hammaan baay'ee muraasatu fayyadama.
- Qorannichi akka ibsutti dubartoota umuriin isaanii (15-49) keessa jiran biratti waa'ee gosoota paadiiwwan qulqullinaa adda addaa dubartootni fayyadaman ilaalchisee dhibbeentaan 57.7% kan yeroo tokkotti gatamu, 9.3% kan deebi'ee fayyadame, fi 29.2% kan ta'an immoo kan naannootti hojjetame akka fayyadaman ta'uu agarsiisa. Sababoonni ijoon dubartootni paadiiwwan qulqullinaa kan yeroo tokko qofaa fayyadamee gatamu fayyadamuu dhiisaniif: dhaqqabummaa dhabuu (42.9%), gatii madaalawaa dhabuu (17.1%) fi hubannoo dhabuu (27.2%) ta'uun hubatameera.

2.1.3 Qaqabummaa Barnoota Dubartootaa

- Itoophiyaa keessatti dubartoonni dandeettiin dubbisuu fi barreessuufi shallaguu danda'an 55.1% dha. Kun immoo biyyoota biroo kan Afrikaa Sahaaraa gadii waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu gadi aanaadha. Fakkeenyaaf, biyyoonni akka Keeniyaa fi Afrikaa Kibbaa dubartoota dandeettii kana gonfatan dhibbentaadhaan 70% olidha.
- Dubartoonni umuriin isaanii 15-29 (76.3%) ta'an dandeettiwwan kana sadarkaa ol'aanaadhaan kan qaban yoo ta'an, kanneen umuriin isaanii 50 ol (17.1%) ta'an immoo gadi aanaadha. Dubartoonni magaalaa kanneen baadiyyaa caalaatti kan baratan ta'uun ibsameera.
- Gama dubbisuu, barreessuu fi shallaguu dijitaalatiin walqabatee: (15%), Interneetii fayyadamuu kan danda'an (21.8%), bilbila harkaa akka qaban (53.8%) ta'uu dubbatu.
- Akka xiinxalli mudannoowaan dubartoonni barumsa irratti qaban muldhisutti dubartoonni 45% ta'an sababiiwwan gufuulee gargaraatiin sadarkaa barnootaa barbaadan hordofuu akka dadhaban ibsa. Isaan keessa gufuuwwan akka ijooti ibsaman kanneen akka hanqina deeggarsa maatii (30%), rakkoo maallaqaa (27.2%) fi itti gaafatamummaa hojii kunuunsaa kan kaffaltii hin qabne (15%) dha.
- Ilaalcha dubartoonni waa'ee barnoota shamarranii irratti qaban ilaalchisee dubartoonni 72.9% ta'anijoollee dhiiraa fi ijoollee durbaatiif carraa walqixa barbaachisa kan jedhan yoo ta'u, 10.9% immoo ijoollee dhiiraaf carraa fooyya'aa barbaachisa jedhu. Ijoolleen dubaraa carraa dabalataa argachuu qabu kan jedhan garuu 10% qofa.
- Qorannoon kun kan agarsiisu sadarkaa dubbisuu fi barreessutiin akkaata qabeenyaa isaaniitiin yommuu madaalamana, kanneen gartuu qabeenyaan olaanaa ta'an keessa jiran dandeetti barreessuu fi dubbisuudhaanis olaanaa yoo ta'an, kanneen qabeenyaan gadi aanaa ta'an garuu dubatti hafaniiru. Argannoon xinxalli ragaa akkamtaa naannoo Assosa (Benshangul Gumuz) fi Bahirdar (Amaaraa) irraa argame agarsiisutti haala waliigalaa irratti guddinni jiraatus, barnoota dubartootaa fi shamarranii irratti haalota hedduutu dhiibbaa geessisaa jira. Qabxiileen kunniin: seera aadaa fi gochaalee ilaalcha saalaa, yakka koorniyaa irratti hundaa'e, yeroo malee heerumuu, fi yeroo malee ulfaa'uu akka ta'an adda baafameera. Gareen saaxilamoo ta'an, keessumaa dubartoonni qaama miidhamtoota ta'an gufuulee dabalataa kan isaan mudatu yoo ta'u, itti gaafatamummaa kunuunsaa daa'immanii fi hojii mana keessaa gareewwan mariin waliin gaggeeffame keessatti baldhinaan mul'ateera.
- Hirmaattonni MGD Samara, Loogiyaa, fi Dubti (Afar) keessatti argaman, aadaan hawwaasichaa shamarran barnoota barachuu irra dafanii gaa'ela akka qabachuu qaban ibsa. Baahir Daar (Amaaraa) keessatti ammoo sababni inni ijoon manni barnootaa mana jireenya ijoollee irraa fagaachuu fi haala nageenyaa ta'uun isaa adda baafameera. Tigraay keessatti garuu sababa waraanaatiin manca'uun manneen barnootaa gufuu akka ture deebisoorraa argameera.

2.2 Qormaata fi Dandamachuu

Kutaan kun qormaata dubartootaa fi dandamachuu isaanii kan ibsu yoo ta'u, eessumaa YSKIH, agarsiistota xiinsammuu, fi qaqabummaa haqaa irratti xiyyeeffata



Qaqabummaa Barnoota Dubartootaa



Dubartoonni umuriin isaanii 15-29 (76.3%) ta'an dandeettiwwan kana sadarkaa ol'aanaadhaan kan qaban yoo ta'an



Kanneen umuriin isaanii 50 ol (17.1%) ta'an immoo gadi aanaadha



Kompiitara fayyadamuu kan danda'an



45% ta'an sababiiwwan gufuulee gargaraatiin sadarkaa barnootaa barbaadan hordofuu akka dadhaban ibsa



Qaban ilaalchisee dubartoonni 72.9% ta'anijoollee dhiiraa fi ijoollee durbaatiif carraa walqixa barbaachisa kan jedhan yoo ta'u

2.2.1 Yakka Saalaa fi Koorniyaa Irratti Hundaa'e

- Qorannoo kanaan dura ji'oota 12 darban keessatti jeequmsi koorniyaa bifa kamiinuu 20.2% ta'uun kan gabaafame yoo ta'u, naannoleen Sidaamaa, Affaar, Amaaraa fi Tigraay keessatti babaldhinni taatee kanaan dursaa jiru.
- Qorannoo kanaan miidhaa qaamaa bifa adda addaa irratti ragaa walitti qabameera. Bu'aan waliigalaa akka agarsiisutti dubartoota qorannoo kanarratti hirmaatan keessaa qorannoo kanaan dura ji'oota 12 keessatti dubartoota qorannicha keessatti hirmaatan keessaa dhibbeentaan 9.3% kan ta'an mudannoon yakka qaamaa isaan mudatatamanii turan. Baay'inaan namoonni miidhaa qaamaa raawwatan hiriyyoota dhiheenya yoo ta'an, abbaan warraa ykn hiriyyoonni gaa'elaa yakkamaa jalqabaa maatii ykn gosa sanaa irraa ta'uu isaati.
- Gama yakka tuttuqqii koorniyaatiin wal qabateen bu'aan qorannichaa akka agarsiisutti dubartoonni 6% ji'oota 12 darban keessatti yakka saalaa gosa tokkoo fi isaa ol akka mudatan yoo ta'u, kunis ragaa QDF bara 2016 gabaase waliin wal fakkaata jechuun ni danda'ama (6.5%). Akkasumas, qorannoon kun akka ibsutti ji'oota 12n qorannichaan dura, dubartoonni miidhaa xiinsammuu (13.3%) fi diinagdeetiin (5.8%) garagaraatiin kan mudataman ta'uun ibsameera.
- Qorannoon kun akka agarsiisutti dubartoonni (14%) erga rakkoon kun isaan mudatee booda gargaarsa barbaaduuf yaalanis, isaan keessaas (55.2%) kan ta'an immoo erga jeequmsi isaan mudatee booda gargaarsa kamiyyuu argachuu akka hin dandeenye himaniiru.
- Waliigalatti, dubartoonni 81% waa'ee dhaqna qabaa dubartootaa dhaga'uu isaanii kan himan yoo ta'u, isaan keessaas 48% dhaqna kittannachuu isaanii ibsu. Haala kanaan naannoon Somaalee (83.5%) fi Affaar (70.2%) kan ta'u dhaqna qabaan dubartootaa akka jiru himaniiru.
- Ragaa Tigraay irraa argameen fayyadamuun, argannoon QGH akka agarsiisutti jeequmsi gosti hunduu yeroo waraanaa baay'ee hammaataa ta'u ibsa. Argannoo QGH, kana ilaalchise rakkoowwan hedduu agarsiiseera.
- Qorannoon kun dabalataan deebii warren YSKIH naannoo waraanaan miidhame fi ummata bakkaa isaatii buqqa'eef ifa godha. Mariin YKIH irraa hafan waliin Maqaalee, fi Hawuzen (lamaanuu Tigraay keessa) keessatti ta'een xiyyeeffannoon qooda fudhattoonni miidhamtoota YSKIH dhaf godhan waan isaan barbaadan guutuuf gahaa akka hin taane ibsaniiru. Kana qofaa osoo hin taane, namoonni lubbuun hafan wantoota barbaachisoo kanneen akka nyaataa, bakka jireenyaa, gorsa, fi mana nageenya qabu bakka itti baqannaa fi deeggarsa argachuu danda'an hatattamaan barbaaduu isaaniis ni dabalata.

2.2.2 Fayyaa Xinsammuu fi Mala Itti Damdamatan

Qorannichi of-gahumsa dubartootaa, fayyaa xinsammuu, ofitti amanamummaa, sadarkaa itti quufinsaa dubartootaa, fi sadarkaa dhiphina dabalatee maloota adda addaa fayyadamuun, gama murteessaa ta'e fayyaa sammuu fi miiraa dubartootaa qorateera.

- Xinxala qorannoo of gahoomsuu dubartootan aragamenirra caalaan kan deebii gaarii kennan giddugaleessaa xiqqaa (12) hanga guddaa (60) ta'uu isaa yoo ta'u, qabxiin giddugaleessaa isaas 48.8 dha. Haa ta'u malee, bu'aan garee dubartootaa walqixxummaa saalaa kan hawaasa baldhaa keessa jiru kunis dubartoota biratti ga'umsa gadi aanaa ta'e kan itti fufsiisudha. Fakkeenyaaf, hirmaattonni Loogyaa (Afar) of shakkuu yeroo hunda kan loogii aadaa ofitti amanamummaa fi dandeettii murtee kennuu isaanii gufachiisan, miira of-gahumsa waliigalaa irratti dhiibbaa uuman muuxannoo qoodaniiru. Akkasumas, naannoo Oromiyaa, Mattuu keessatti mariin yakka xiinsammuu gochaalee miidhaa geessisan irraa maddu irratti kan xiyyeeffate taasifameera.
- Itti quufinsi kan madaalame safartuuwwan waltawaa kan maatii, hiriyyoota, hojii, qabeenya/galii, mana dubartoonni keessa jiraatan, fi jireenya waliigalaa wajjin walqabatan fayyadamuun ture. Qabxiin giddu galeessaa gabaafame 27.7% dha, kunis kan agarsiisu, dubartoonni Itoophiyaa dhimmoota jahaan hunda keessatti yemmuu ilaalaman sadarkaan itti quufinsa isaanii giddu galeessaa ta'uu kan mul'isudha. Qabxiin giddugaleessaa xiqqaa fi guddaan walduraa duubaan 7 fi 49 dha.
- Sadarkaan dhiphinaafi aarii ykn yaaddoo dubartoota Itoophiyaa gidduu jirus kanneen akka nageenyumma hojii, maallaqa dhaabbataa, hiriyyaa mijataa barbaaduu, fi baasii hin eegamiin mudatamuun dhimmootasadarkaa garagaraa fayyadamuun qoratameera. Bu'aan qorannoo kanaa akka ibsutti giddu galeessaan 14.6% dubartoonni Itoophiyaa haalota shanan dhiphinaa fi yaaddoo guddaan kan isaan mudataa jiru ta'uu ibsaniiru. Qabxiin giddu galeessa inni xiqqaan 5 fi guddaan ammo hanga 25 tti argama.

- Bu'aan qorannoo fayyaa xinsammuu fi ofitti amanamummaa dubartoota Itoophiyaa irratti gaggeeffame akk ibsutti qabxiin giddu galeessaa 23.6 yoo ta'u, inni 12 (xiqqaa) hanga 60 (olaanaan) ta'uu danda'a.

2.2.3 Argachuu Dubartootaa

- Ji'oota 12n darban keessatti dubartoonni qorannoo kanaan dura dhimmoota falmii adda addaa irra kan turan waliigalaan 5.1% yemmuu ta'u. Sababootni waldhabdee kunis, dhimmoota kanneen akka lafaa (21%), miseensota maatii (41%), hiikkaa gaa'elaa (9.5%) fi qabeenyaa, kanneen biro gidduu of keessatti haammata. Naannoon magaalaa, kan baadiyyaa (4.7%) waliin yoo madaalamu, dhimmoota waldhabdee ol aanaa (5.9%) qaba. Namoota dhimma falmii irra turan keessaa, 45% waldhabdeen isaanii furuuf deeggarsa argataniiru. Waldhabdee furaman waldhabdeen irra caalaan isaanii araara naannaattin (61.8%) byoo ta'u, itti aansuun tajaajila seeraatiin (21.8%) fi deeggrsa seeraan (12.6%) ti.
- Kanneen tajaajila argatan keessaas, 66.6% kan ta'an gargaarsichatti kan quufuu isaanii kan ibsan yoo ta'uu, 21.2% kan ta'an immoo hama tokko kan itti hin quufne ykn immo kan baay'ee itti hin quufne dha.

2.3 Hawwii fi Ejensii

Kutaan kun hawwii fi ejensii dubartootni aantummaa hawwii bulchiinsa keessatti qaban, hirmaannaa siyaasaa fi lammummaa, akkasumas ilaalcha nagaa fi tasgabii irratti qaban akka armaan gadiitti kan hammatedha.

2.3.1 Kaka'umsa Dubartootaa fi Sadarkaa Dursi Itti Kennameef

- Dubartoota qorannoo kana irratti hirmaatan keessaa dhibbeentaan 69.3% ta'an bulchiinsa keessatti hooggantummadhaan hojjechuufhawwii gadi aanaa ykn baayyee gadi aanaa kan gabaasan yoo ta'u, 13.8% qofa kaka'umsa olaanaa akka qaban ibsaniiru. Dubartootni hedduun isaanii aangoo hin argannu kan jedhu kan itti dhagahamuu fi caasaa isaan hoogganu irraa adda bahaniiru, lakkoofsaan xiqqaa (13.8%) kan ta'an garuu filmaama ol aanaa kan ammallee gufuwwan hedduun dhabamsiifamuu akka qaban ibsaniiru.
- Qorannoon kun naannolee Itoophiyaa adda addaa keessatti ajandaa dursaa dubartootaa adda baaseera. Nageenyi fi tasgabiiin yaaddoo guddaa ta'ee kan mul'ate yoo ta'u, dubartoonni 71.6% dhimma kanaaf dursa kennaniiru. Carraan dinagdee dubartoota Itoophiyaaf yaaddoo guddaa lammaffaa kan ta'e yoo ta'u, dubartoonni 61.1% dhimma kanaaf dursa kennaniiru. Buufata fayyaa argachuunis dhimmi isa ijoo dubartoonni dhibbentaan 55.5% ta'an dursa kennaniif keessaa isa tokko. Bu'uuraaleen misoomaa fi tajaajilli bu'uura dubartoota Itoophiyaatiifis yaaddoo guddaa kan ta'an yoo ta'u, dubartoonni 36.2% dhimma kanaaf dursa kennaniiru. Dursiwwan kanneen biroos kanneen akka walgargaarsaa, fi deeggarsa hawaasummaa (17.8%), hirmaannaa siyaasa keessatti (2.4%), dhimmoota biroo (0.4%) of keessatti haammata.

2.3.2 Hirmaannaa Siyaasaa fi Lammummaa

- Hubannoo dubartootaa waa'ee seeraa fi imaammataa ilaalchisee, Heerri mootummaa Itoophiyaa sadarkaa olaanaan kan jajjabeessu ta'uu isaa, namoota gaaffii kana gaafataman keessaa 52.4% kan ta'an mirgootni tokko tokko keessatti ibsamuu akka beekan ibsaniiru. Kanati aansees, hubannoon waa'ee seera lafaa fi yakkaa (48.9%), seera maatii fi mirga dubartootaa (45.9%) fi imaammata dubartootaa (35.6%) akka jiran ibsamaniiru. Hubannoo inni xiqqaan seera hojjetaa fi hojjechiisaa irratti kan mul'ate yoo ta'u, innis dhibbentaan 24% ta'uun isaa argameera.
- Argannoon qorannoo kanaa akka ibsutti walakkaan dubartootaa hubannoo seeraa tokkoo tokko akka qaban kan ibsu yoo ta'u, odeeffannoon MGD (fkf, Beenishaan gulgumuz keessaa, Asoosaa) irraa argame dubartoonni sababa odeeffannoo haala seeraa dhabuu irraa kan ka'e mirga lafaa isaanii ilaalchisee rakkoo argaa akka jiran ibsa.
- Argannoon qorannoo kanaa akka agarsiisutti, dubartoonni maqaa muummicha ministeera ammaa beekan (84.1%), maqaa pirezidaantii (35.8%), fi ammaa, fi maqaa paartii biyya bulchaa jiruu (44.5%) akka beekan agarsiiseera.

- Ilaalcha siyaasaatiin dubartoonni 53.1%, dhiironni dubartoota caalaa hoggantummaan fooyya'aa ta'uu isaanii kan hin fudhanne yoo ta'an, dubartoota qorannoo kana keessaatti hirmaatan keessa 34.4% ammallee dhiironni dubartoota caalaa hoggantummaadhaan fooyya'oo ta'uu isaanii kan amanan ta'uu ibsaniiru. Akkasumas, 67.2% hooggantummaa biyyattii keessatti dubartii filachuun gaarii ta'a jedhanii kan amanan yoo ta'u, 71.1% dubartootni dura taa'aa aanaa ta'anii filatamuun gaarii ta'a jedhu.
- Akka argannoon qorannoo kanaa agarsiisutti dubartoonni 77.1% filannoo itti aanu irratti sagalee kennuuf karoofataniiru, fi filannoo darbe irratti 71.6% galmaa'anii sagalee kennaniiru. Namoota sagalee kennuu dadhaban keessaa (n=9162), sababoonni gurguddoon sagalee kennuu irraa isaan dhorkan: umuriin isaanii gadi ta'uu (49.2%), sagalee kennuu dhiisuu (13.1%), kaardii filannoo yeroon argachuu dhabuu (10.2%), dhukkuba (8.3%), yeroo sagalee kennuu dhabuu (8.5%), fi buufata sagalee kennuu irratti sodaa yakka (3%) ta'uu xinxalameera.
- Hirmaannaa dubartootni jaarmiyaalee adda ddaa keessaatti qabanis haala armaan gadiin xinxalameera. Isaanis miseensota garee dubartootaa (8.4%), miseensota aanaa ykn bulchiinsa gandaa ykn mana maree (1.9%), miseensota mana murtii haqaa naannoo ykn mana maree aanaa (2.1%), fi miseensa dhaabbilee siyaasaa (2.1%) ta'uu himaniiru.
- Bu'aan QGH, hirmaannaan dubartootaa (fkn aanaa Awabaree naannoo Somaaleetti, fi Semeraa Affaar keessatti) siyaasa keessatti fooyya'iinsa qabaachuu ibsus, hirmaattonni marii garee dubartootaa tokko tokko (fkn Assosa keessatti) sirna siyaasaatiin burjaaja'ummaan akka itti dhaga'amu fi akkasumas sagaleen isaanii amanamummaadhaan akka bakka hin bu'umnetti amanuu isaani gabaasaniiru.

2.3.3 Haala Nagaa fi Tasgabbi

- Yaada dubartoonni nagaan irratti qaban ilaalchisee, dubartoonni 56% ta'an naannoon isaanii naga qabeessa ta'uu kan ibsan yoo ta'ufi 10% kan ta'an immoo nageenyi naannoo isaanii fooyya'aa akka jiru ibsaniiru. Faallaa kanaatiin dubartoonni dhibbeentaadhaan 16.6% ta'an haalli nagaan fi tasgabbi waggaa tokkoo as hammaataa akka dhufe kan ibsan yoo ta'u, 17.2% immoo tasuma nagaan akka hin jirreetti ibsaniiru. Naannoo Amaaraatti nageenyi tasumaa akka hin jirre deebii kennitoonni 52% ta'an kan ibsan yoo ta'u, dubartoonni 48.4% ta'an immoo haalli nageenyaa hedduu yaadessaa jiraachuu isaa ibsaniiru.
- Istaastiksiin kanneen biro irra ragaa gammachiisaa ta'e agarsiisus, mari'attoonni MGDn naannoolee magaalaa Finfinne, Tigraay, Beenishaan gulgumuz, fi Amaaraa qormaatilee dubartootni miira nagaan fi tasgabbi irratti qaban ibseera.
- Gosoota waldhabdee gurguddoon dubartoota mudatan kanneen akka waldhabdeen hidhattoota (29.5%), waldhabdee qabeenyairratti (12%), fi waldhabdee saba irratti hundaa'e (14.1%), waldhabdee amantii (6%), walitti bu'iinsa daangaa (16.5%) saamicha (13.4%) of keessatti qabata.
- Dubartoota qorannoo kanarratti hirmaatan keessaa 30.2% yeroo hunda dhimma nageenya dhuunfaa fi maatii isaanii irratti akka yaaddaan kan himan yoo ta'u, fi dhibbentaan 47.6% ta'an immoo yeroo tokko tokko qofaa ykn tasuma akka isaan yaachisu ibsaniiru. Haaluma kanaan Amaaraa, Beenishaangul Gumuz fi naannoon Tigraay waldhabdee hidhattootan walqabatee sodaa dhibbeentaa ol'aanaa kan qaban yoo ta'u, naannoon Affaar ammoo sababa saamichaan sodaa olaanaa qabaachuu ibsaniiru.
- Qorannoon kun akka agarsiisutti waggaa darbe keessa dubartoonni 17.4% waldhabdee hidhannootiin rakkataniiru. Dubartoonni Beenishaangul Gumuz, Affaar, Amaaraa fi Tigraay keessatti waldhabdee hidhannootiin sadarkaa ol'aanaadhaan miidhamaa turaniiru. Kanneen rakkoon nageenyaa sababa waldhabdee hidhattootaan mudate keessaa 47% bakka isaanii irraa buqqa'aniiru.
- Gaheen dubartootni kaka'umsa nageenyaa keessaatti taphatan xiqqaadha, 0.9% qofaatu akka hoggantoota ykn qindeessitootaatti kan hirmaatan yoo ta'u, 15.5% akka tola ooltota ykn hirmaattootaatti hirmaatan. Dabalataanis, dubartoonni dhibbeentaan 37.7% kaka'umsa nagaan fi tasgabbi keessatti hirmaachuuf fedhii kan ibsan yoo ta'u, 45.9% ammoo fedhii kan hin qabne ykn hirmaachuu hin dandeenye ta'uu ibsaniiru.
- Bu'aan qorannoo biyyoolessaa, argannoon marii hirmaattota kaampii buqqaatota Maqaalee (Tigraay) irraa dhufan waliin taasifame irraa argame hanqina nageenyaa dhiphisaa, keessumaa nageenya dubartootaa fi shamarran irratti dhiibbaa geessisuu mul'isa. Jiraattonni yaaddoo/haala sodaa, hanni, doorsisaan, fi eegumsa dhabuun waanuma barame ta'e ibsu. Argannoon QGH gaaga'ama waraanni kun geessise daran kan mul'isu yoo ta'u, kunis balleessuu jireenyaa, bu'uuraalee misoomaa barbaachisoo, dhaabbilee barnootaa, fi tajaajila YKIH fi eegumsa fayyaa kan of keessaa qabudha.
- Dubartotni muraasni nagaan jalqabsisuu keessatti hirmaachuuf fedhii olaanaa qabaatanis, qorannichi gufuuwwan baay'een akka jiran agarsiiseera. MGD Bahar daar (Amaaraa) fi aanaa arbaa mincitti naannolle (Kibba Itoophiyaa) tti gaggeeffame safuu hawaasaa, barnoota gahaa fi qabeenya dhabuun hirmaannaa isaanii miidheera.



Cuunfaa fi yaadoota furmaataa

3.1 Cuunfaa

Akkuma hanga ammaatti ibsame, kaayyoon qorannoo kanaa haalota barbaachisoo ta'an kamiyyuu waliin, haala fi dursawwan dubartootaa irratti fedhii isaanii guutuuf raga baldhaa maddisisuu ture. Kaayyoon qorannoo kanaa ragaa baay'ina maatii naannolee 12 fi Bulchiinsa Magaalota 2 kan Godina, magaalota, kutaalee magaalota 119 of keessaa qabu fi ragan akkamtaa ykn qulqulleeffataa irraa argame fayyadamuun haala fi dursawwan dubartootaa irratti ragaa bal'aa maddisiisuu ture. Dabalataanis, qorannoon kun maloota QGH fayyadamuun naannolee 8 garee dubartoota hirmaachise irraa odeeffannoo walitti qabeera. Bu'aa fi marii kutaalee darban keessatti dhiyaatan irraatti hundaa'uun cuunfaawwaan armaan gadii ni kahamaniiru.



Dinagdee

Mindeffamuu keessatti wal-caalmaan koorniyaa itti fufuu: Hirmaachisummaa dinagdee dubartootaa irratti guddinni tokko tokko jiraatus, baayina dubartoota biyyaatti wal qabsiisfnee yoo ilaalle qaawwa guddaatu jira. Dubartoonni harki caalaan isaanii hojii ofii isaanii hojjechuu ykn hojii maatii kaffaltii malee irratti kan bobba'an yoo ta'u, kunis mormii barmaatilee duubatti hafaan ture akka itti fufeetti jiraachuu agarsiisa. Haa ta'uu malee dubartoonni mana keessaatti itti gaafatamummaa wal hin madaalle ykn hedduu qabu.

Hirmaannan dhaabbilee naannoo keessatti xiqqaachuu: Hirmaannaan dubartootaa dhaabbilee naannoo fi waldaalee hojjetootaa keessatti qaban gadi aanaa ta'uun isaa, odeeffannoo, carraa fi waltajjii komii isaanii itti dhageessisan argachuu isaanii daangessuu, kanaanis yakka bifa adda addaatiif saaximuu isaanii fi dinagdee isaanii humneessuu isaanii gufachiiseera.

Walqixxummaa aangoo murteessuu dhabuu: Dubartoonni tokko tokko qabeenyaa fi faayinaansii ilaalchisee murtee waliinii kennuu irratti kan hirmaatan ta'us, maatiiwwan dhiirotaan hoogganaman kessatti lakkoofsi guddaan ammallee qabeenya dinagdee fi murtiiwwan ijoo irratti to'annoo gochuu irraa dangeeffamaniiru. Kana jechuun, ragaa abbummaa qabeenya qabaachuu fi dubartoonni qabeenya maallaqaa argachuu isaanii ofumaan aangoo murtii kennuu dubartootaa fi itti fayyadama qabeenyaa fi qabeenya sanii namaaf dabarsuu, fi ofiin qabeenya ofii bulchuu dhabuun kun humna dinagdee fi fayyaa waliigalaa isaanii miidheera.

Gufuwwan Oomishtummaa Qonnaa: Dubartoonni galteewwanii fi tajaajiloota qonnaa barbaachisoo ta'an kan akka tajaajila jallisii fi ekisteenshinii argachuu irratti qormaata guddaa kan isaan mudate yoo ta'u, kunis dandeettii qonnaa fi wabii nyaataaf bu'a qabeessa ta'een gumaachuu isaanii kan gufachiisu yoo ta'u, dubartoota qonnaan bultoota ta'andeeggaruuf gidduu seenuun xiyyeeffannoo qabu barbaachisaa ta'uu isaa kan ibsudha.

Itti fayyadama Annisaa: Dubartoonni tokko tokko ammallee boba'aa nyaata bilcheessuuf baayoomaasii ykn wantoota uumamaa bobeesuu irratti hirkatu, kunis balaa fayyaa fi yaaddoo itti fufiinsa naannoo fida. Haalli kunis magaalota kanneen akka Finfinnee keessatti illee kan jiru yoo ta'u, maddoota anniisaa qulqulluu ta'an argachuu babal'isuun barbaachisummaa murteessaa ta'uu agarsiisa.

Dhiibbaa Yaaddoowwan Dinagdee fi Waldhabdee: Dubartoonni yaaddoowwan dinagdee kanneen akka gatii nyaataa dabaluu, baasii galteewwan qonnaa fiwaldhabdee tiin miidhamaa jiru. Taateewwan kunniin yakka koorniyaa irratti hundaa'e, yakka maatii, fi midhaa sammuu, fidabalatee saaxilamummaa saala adda ta'e hammeessuu.



Fayyaa

Garaagarummaa teessuma lafaa eegumsa fayyaa argachuu keessatti: Garaagarummaan guddaan naannoolee biyyaa gidduutti dubartoota Itoophiyaa biratti qaqqabummaa eegumsa fayyaa irratti kan jiru yoo ta'u, naannoleen akka Sidaamaa tokko tokko qormaata caalaatti mul'atu isaan mudateera.

Gufuwwaan maallaqaa eegumsa fayyaa: Dubartoota Itoophiyaa lakkoofsaan hedduu ta'an rakkina maallaqaa irraa kan ka'e tajaajila eegumsa fayyaa argachuu hin dandeenye. Kun immoo maatii dubartootaan durfamuu fi garee galii xiqqaa qaban keessattidha.

Tajaajilli Ekisteenshinii Fayyaa Hir'achuu: Bu'a qabeessummaan Hojjetoota Ekisteenshinii Fayyaa baadiyyaa keessatti gadi bu'aa ta'uun isaa adda bahee jira. Qulqullinni tajaajilaa fi daawwannaa ykn hordoffi hirdhachuun irraan kan ka'e fayyaan dubartootaa irratti dhiibbaa geessisee jira, keessumaa naannoolee fagoo yeroo baay'ee HEWn madda odeeffannoo fi tajaajila eegumsa fayyaa isa jalqabaa ta'anitti.

Loogii fi Arrabsoo hojjetoota Eegumsa Fayyaa: Dubartoonni Itoophiyaa yeroo baay'ee bakka eegumsa fayyaa keessatti loogii ykn walcaalchisuu fi maqaa balleessiin kan isaan mudatu yoo ta'u, kunis tajaajila barbaachisaa akka hin arganne abdi isaan kutachiisa. Kunis leenjii fi imaammata eegumsa fayyaa irratti fooyya'iinsa guddaa gochuun haala hunda hammatee fi deeggaraa ta'e uumuuf barbaachisaa ta'uu isaa hubachiisa.

Barnootni Fayyaa Wal-hormaataa Ga'aa ta'uu dhabuu: Hubannoon dubartoonni odeeffannoo fayyaa saalaa fi walhormaataaf qaban irratti garaagarummaatu jira. Qormaatileen kanneen akka danqaa barmaatilee fi hanqinni qabeenyaa keessumaa naannoolee baadiyyaa keessatti itti fufee jira.



Barnoota

Dubartoonni Itoophiyaa dubbisuu, barreessuu fi shallaguu danda'an 55.1% qofaa ta'uu, kunis biyyoota Afrikaa Sahaaraa gadii tokko tokko wajjin wal bira qabamee yoo ilaalamu gadi aanaadha. Fakkeenyaaf, biyyoota akka Keeniyaa fi Afrikaa kibbaatti dubartoonni dandeettii dubbisuu fi barreessuu qaban dhibbeentaan 70% olidha. Kunis sagantaalee fi imaammata dubbisuu fi barreessuu bu'a qabeessa ta'an hojiirra oolchuudhaan qaawwa jiru cufuu fi bu'aa barnootaa dubartootaaf fooyyessuuf akka barbaachisu agarsiisa.

Dandeettii Dubbisuu fi Barreessuu garaagarummaa umuriin walqabate: Argannoon kun akka mul'isutti, sadarkaan dubbisuu fi barreessuu dubartoota Itoophiyaa umurii wajjin garaagarummaa guddaa qaba. Dubartoonni dargaggoonni, keessumaa kanneen umuriin isaanii 15-29 ta'an, sadarkaa dubbisuu, barreessuu fi shallaguu olaanaa kan agarsiisan yoo ta'u, dubartoonni umuriin isaanii guddaa ta'e, keessumaa kanneen umuriin isaanii waggaa 50 fi isaa ol ta'e sadarkaa dubbisuufi barreessuu isaanii baay'ee gadi aanaa ta'ee imuldha.

Dhiibbaa Qabxiilee Hawaas-dinagdee fi Naannoo: Ga'umsi barnootaa dubartoota Itoophiyaa haala hawaas-dinagdee fi teessuma naannootiin miidhameera.

Qoqqoodinsa Barnootaa Magaalaa fi Baadiyyaa: Garaagarummaan qaqqabummaa barnootaa magaalaa fi baadiyyaa gidduu jiru kan mul'atu yoo ta'u, dubartoonni magaalaa akka waliigalaatti sadarkaa barnootaa olaanaa galmeessaniiru. Dabalataanis, dubartoonni barnoota hordofuu keessatti gufuulee adda addaa fi walxaxaa kanneen akka qormaata dinagdee, kunuunsaa fi hojii mana keessaa kaffaltii malee, gaa'ila umurii malee fi kkf dha. Rakkooleen kunis dubartoota qaama miidhamtoota sadarkaa ol'aanatti miidha.

3.2 Qormaata fi Dandamachuu

YSKIH

Babal'inni miidhaa dubartoota irratti raawwatamu garee umurii adda addaa keessatti garaagarummaa qaba, sadarkaan olaanaan kan mul'ate, akkuma eegametti ta'ee, dubartoota dargaggoota ta'an irratti. Kana malees, warri kaadhimaman, gaa'ela godhatan, dubartoota haadha manaa tokkoo fi addaan ba'an dhibbeentaa ol'aanaadhaan adda ba'anii kan mul'atan yoo ta'u, kunis balaa gareewwan kunneen mudatu dabaluu kan mul'isudha. Akka naannootti garaagarummaan kan mul'atu yoo ta'u, Sidaamaa, Affaar, fi Gaambeellaan miidhaa dubartoota irratti raawwatamu olaanaa agarsiisa. Dabalataanis, dubartoonni qabeenya xiqqaa qabani fi kanneen baadiyyaa keessa jiraatan yakka a olaanaa kan isaan mudatu yoo ta'u, kunis walitti dhufeenya hiyyumma fi saaxilamummaa kan hubachiisudha.

Walumaagalatti, babal'inni miidhaa dubartoota irra gahu 22.2% kan dhaabbatu yoo ta'u lakkoofsichi rakkoowwan sana guutummaatti calaqqisiisuu dhiisuu danda'a, sababni isaas, yakkamtoonni yakka sana raawwatan gocha miidhaa geessisan dammaqinaan dhoksuu ykn xiqqeessuu danda'u. Akkasumas, miidhamtoonni mataan isaanii yeroo hunda gosoota yakka a tokko tokko kan akka hanqina dinagdee fi miira namaa to'achuu irratti odeeffannoo hin qaban. Kunis jeequmsa gosaa hundaa estaastiksii waajiraa keessatti akka hin qabamne taasisa. Kana malees, dubartoonni kaampii buqqaatota keessa jiranii fi kanneen naannoo waldhabdee keessaa jiran yakka koorniyaa irratti hundaa'eetti baay'ee saaxilamoodha. Kunis baldhinaan hin gabaafamne.

Dhimmoota xiin-sammuun walqabatan

Of-gahumsuu: Firiin qorannoo of gahoomsuu irratti hojjetame deebiin gaariin baldhinaan akka jiru agarsiisa, garuu wantoota akka koorniyaa aadaa, daanga;uu qaqqabummaa carraa fi barnootaa fi ejjennoo hawaasummaa qabsoo dubartoonni ofitti amanamummaa isaanitti godhan ni xiqqeessa. Dubartoonni yeroo baayyee miira of shakkuu fi ga'umsa dhabuun ibsamu. kunis ofitti amanamummaa fi dandeettii murtoo isaanii irratti dhiibbaa qaba

Itti quufinsa jireenyaa: Argannoowwan akka ibsanitti dubartoonni Itoophiyaa baay'een itti quufinsa jireenyaa sababiiwwan haala jireenya isaanii ammaatiin, rakkoowwan tasgabii maallaqaa, eegumsa fayyaa argachuu, fi walitti bu'iinsa warren kaan gidduutti ta'uun sadarkaa gadi bu'aa irra jiru. Qormaata nagaa fi tasgabii, hanqina maallaqaa, qaqqabummaa tajaajila fayyaa, haala waldhabdee fi kkf waliin walqabatu kaasuun, dubartoonni Itoophiyaa hedduun haala jireenya isaanii ammaa keessatti sababoota adda addaatiin sadarkaa itti quufinsa jireenyaa gadi aanaa akka argatan argannoowwan ni mul'isu.

Dhiphinaafi Yaaddoo: Dhiphinnii fi yaaddoon muuxannoo xiinsammuu dubartoota mudatu kan barame yoo ta'u, keessumaa haala qormaata hawaasummaa fi dinagdee kan akka hiyyummaa, jeequmsa koorniyaa irratti hundaa'e, fi qabeenya horachuu irraa daangeeffamuudha..

Nageenyaa fi Ofitti amanamummaa: Dubartoonni Itoophiyaa, irra caalaa, ofitti amanamummaa gadi aanaa fi miira gatii gad aanaa ofii kennuu, barmaatilee duubatti hafoon dhiibamuu dha. Dubartoota irratti loogii, yakka a fi qoodamuun itti fufee akka jiru qorannoon kun addeesseera, kunis ofitti amanamummaa fi nageenya isaanii miidheera.

Kaka'umsaa fi Ejensii

Ilaalcha haala nageenyaa: Dubartoonni Itoophiyaa yaaddoo nageenyaa guddaan kan isaan mudachuu qofa osoo hin taane, baay'een isaanii nageenyi akka hin jirre fi haala kanaan yoo itti fufe haallii nageenyaa hammattaa deemuu akka danda'u tilmaamu.

Kaka'umsa Caasaa Bulchiinsa Keessatti Hirmaachuu: Dubartoonni Itoophiyaa harki caalaan isaanii caasaa bulchiinsa keessatti hirmaachuuf kaka'umsa gadi aanaa kan qaban yoo ta'u, kunis sababa danqaawwan sirnaa kanneen akka hanqina barnootaa, qabeenya, fi barmaatilee boodatti hafooti.

Dhimmoota ijoo dursi itti kennamu: Nageenyi fi tasgabbiin dubartoota Itoophiyaaf dhimmoota dursa kennaniif, muuxannoo qabatamaa isaanii kan calaqqisiisu yoo ta'u, walldhabdee, yakka fi dadhabina keessatti muuxannoo qabatamaa isaanii kan calaqqisiisudha. Carraan diinagdee fi tajaajila eegumsa fayyaa argachuun dhimmoota ijoodha.

Siyaasaa fi Hirmaannaa Lammummaa

Hubannoo fi Ilaalcha Siyaasaa: Dubartoonni Itoophiyaa harki caalaan isaanii waan siyaasa keessatti deema jiru hubachuu akka hin dandeenye qorannoon kun adda baaseera. Kunis kan ibsu akka isaan hirmaanneef guufuulee hedduu jiraachuu isaati. Barnootni hubannoo siyaasaa fi ilaalcha aangoo irratti dhiibbaa guddaa uumeera. Dubartoonni barnoota qaban aangoo irratti gaaffii kaasuu fi dubartoonni carraa filatamuu akkuma dhiirotaa qabaachuu qabu jedhanii amanu.

Hubannoo Imaammataa fi Seera: Dubartoota Itoophiyaa biratti seerota fi imaammata ijoo ilaalchisee hubannoon sadarkaa adda addaa kan jiru yoo ta'u, garee umurii gidduutti garaagarummaa guddaa qaba.

Nagaa fi Tasgabbi

Adeemsa nagaa keessatti hirmaachuu: Itiyoophiyaa keessatti adeemsa nagaa fi tasgabbi mirkaneessuu keessatti Hirmaannaan dubartootaa haala sodaachisaa ta'een gadi aanaa ta'ee jira. Dubartoonni walldhabdee ittisuu keessatti, gidduu seenummaa/araara fi walldhabdee booda irra deebiin ijaaroo keessatti gahee murteessaa qabaatanis, sagalee isaanii dameewwan kana cinatti dhiifameera. Walmadaaluu dhabuun koorniyaa kun hawaasa keessatti aadaa wal qixxummaa dhabuu fi seerri dhiirota qofaan hoogganamu akka itti fufu gochuudhaan dubartoonni hooggansa siyaasaa fi waraana keessatti daangeeffamuu isaanii itti fufee jiraachuu kan ibsudha.

Garaagarummaa naanno nageenyaa fi fayyummaa keessatti: Ilaalcha dubartoonni nageenyaaf qaban irratti garaagarummaan naannoo nannooti jiru bal'aa dha. Dubartoonni naannolee akka Affaar fi Hararii kan Beenishaangul Gumuz fi Amaaraa, bakka yaaddoon nageenyaa itti cime waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu nagaa qabachuun itti dhagahama.

Dhiibbaa Walldhabdee Hidhannoo: Naannolee akka Amaaraa, Tigraay, fi Beenishaangul Gumuz keessatti walldhabdeen hidhannoo yaaddoo guddaadha. Walldhabdeewwan kunneenis nageenya dubartootaa irratti dhiibbaa guddaa kan qabu yoo ta'u, sodaa olaanaa, buqqa'iinsa, fi sirna hawaasummaa akka diigamu taasisa, kunis walldhabdee hatattamaan furuu fi tattaaffii nagaa ijaaroo/busuu barbaachisa.

Yakka Koorniyaa irratti hundaa'ee fi Gufuulee Caasaa: Jeequmsi koorniyaa irratti hundaa'ee fi gufuuleen caasaa kanneen akka carraa hojii, barnootaa fi eegumsa fayyaa argachuu daangeffame waliin rakkoo guddaa ta'ee jira.

Haala nagaa ilaalchisee garaagarummaa ilaalchaa: Dubartoonni harki caalaan naannoo ykn ollaan isaanii nagaa akka ta'etti kan ibsan yoo ta'u, kannen biroon immoo haalli jiru hammaataa akka jiru ykn tasuma nageenyi akka hin jirre itti dhaga'ama. Garaagarummaan ilaalchaa kun jijjirama naannooleen nagaa fi tasgabbi hin yaadamiin akka isaan mudatu fi kunis barbaachisummaan kaka'umsa nagaa ijaaroo akka jiru ibsa.

3.3 Yaadota furmaataa

Diinagdee fi haala jireenyaan gahoomsuu

Qooda fudhattoota Mootummaa

- Deeggarsa dubartootaaf haala barbaadamuun qophaa'e:** Haala dubartoonni keessa jiran, bakka dubartoonni jiraatanii, gahee isaan dhimmoota adda addaa keessaatti seeraan qabaniif fi piroofaayilii dimogiraafii isaanii yaada keessa galchuun dubartootaaf akka seeraa fi mirgaatti bakka isaanii malu kennuu.
- Safartuuwwan qabatamaa:** Abbummaa fi qabeenya argachuu qofti dubartootaaf aangoo murtii kennuu waan hin kennineef, dubartoonni qabeenya isaanii ilaalchisee murtii kennuu akka danda'an humneessuuf tarkaanfiiwwan dabalataa barbaachisa.
- Dhaqqabummaa Abbummaa Lafaa Cimsuu:** Karoora misooma biyyoolessaa waggaa kudhanii (2021-2030) Utubaa Tarsiimoo 8 (Saalaa fi Hawaasummaa kan hammate) waliin walsimuun:
 - Bu'uuralee danbiwwan dubartoonni qabeenya (lafaa fi mana jireenyaa) akka argatan deeggaran cimsuu fi dubartoonni mirga qabeenya irratti qaban mirkaneessuuf imaammatawwan jiran hojiiraa oolchuu.
 - Tattaaffii mirkaneessa lafaa/mana jireenyaa babal'isuu, maqaa dubartootaa sanadoota keessatti lafaa/mana jireenyaa dabalatee, keessumaa dubartoota maatii dhiiraan durfamuu keessa jiraniif, fi mirga lafa dubartootaa eeguu.
- Sagantaa Eegumsa Hawaasummaa Guddisuu:** Argannoowwan akka ibsanitti sagantaawwan eegumsa hawaasummaa kan akka sagantaa eegumsaa oomishtummaa (SEO) fi PSNP (Piroojeecti Safety Nate Misooma Magaala) guddisuu, dubartoota gargaarsa barbaadan hedduu bira ga'uu fi yeroo rakkina deeggarsa maallaqaa isaaniiif kennuu. Akkasumas, dandeettii dubartoonni haala jireenyaa isaanii itti fufsiisuun rakkooolee irraa dandamachuu isaanii cimsuuf sirnoota deebii koorniyaa irratti kaka'umsa qaban diriirsuun barbaachisaa dha.
- Dubartoonni qabeenya akka argatan taasisuu:** Galteewwan hojii misooma adda addaa dubartootaaf ta'an kan akka, jallsii, sagantaa ekisteenshinii fi odeeffannoo teeknooloojiin walqabatu dabaluuudhaan sodaawwan haala qilleensaatiin walqabatee saaxilamummaa isaanii hir'isuu fi k.k.f dha.
- Dubartoota hojii uummachuu irratti deeggaruu:** Dubartoonni tajaajila faayinaansii, kan akka herrega qusannaa, faayinaansii maayikiroo, fi inshuuranshii akka argatan gochuuf jalqabbii qopheessuu, akkasumas dandeettii bulchiinsa faayinaansii isaanii guddisuuf leenjii bulchiinsa faayinaansii kennuun barbaachisaadha. Kanaaf immoo dandeettii bulchiinsa faayinaansii isaanii guddisuuf leenjii fi gorsuu kennuufin barbaachisaadha. Kana males, dubartoonni hojii uummatan hojii daldalaa isaanii akka jalqabaniif fi guddisan carraa deeggsa maallaqaa akka argatan taasifamuu qaba. Deeggarsichis dubartoota carraa hojii ykn mindeessuu jiru keessaa galchuu ilaallachuu danda'a. Xiyyeeffannoon addaa bakkeewwan itti carraan hedduun hin jirrenya badiyyaa fi naannolee guddataa jiranif kennamuu qaba.
- Seerota Hammatamummaa Maallaqa jajjabeessuu:** Dambiiwwan faayinaansii fedhii fi dursa dubartootaaf deebii kan kennan ta'uu fi murtoo dubartoonni mirga qabeenya faayinaansii kan akka liqii irratti kennan guddisuuf malawwan raawwachiisummaa akka diriiran ni taasisuun murteessadha.
- Carraa barnootaa argachuu dubartootaa dabaluu:** Dubartoonni carraa barnootaa akka argatan dabaluuun barbaachisaadha, keessattuu ejensii dubartootaa fi carraa hojii argachuu gargaaruuf carraa barnootaadubartootaa fi barnoota ga'eessotaa dubartootaa dhaqqabsiisuudha.
- Madda anniisaa dabalataa:** Baayoomaasii akka madda ifaa fi boba'aa nyaata bilcheessuutti fayyadamuun miidhaa fayyaa fi naannoo mijataa hin taane hir'isuuf leenjii teeknikaa barbaachisaa ta'een deeggarsa dabalatee madda anniisaa dabalataa ta'e akka argatan kennuu cimsuun barbaachisaadha.
- Imaammataa fi sagantaalee deeggarsaa dubartoota dandeessisan qopheessuu:** Fakkeenyaaf, imaammata walqixxummaa saalaa fi dubartoota aangessuu fooyya'iinsa jala jiru ni tuma, seerota hojii walqixxummaa saalaa guddisan gabaa hojii keessatti guutummaatti fi haqa qabeessa ta'een akka hirmaatan hojiirra oolchuu; shaakala baajata koorniyaa irratti hundaa'ee fi hojiirra oolmaa imaammata fi murteessitoota sadarkaa adda addaatti ni tarkaanfachiisa. Hirmaannaa dubartootaa hojii oomishaa keessatti guddisuuf dhaabbilee kunuunsa daa'immanii hojjechiisaa irratti hundaa'an (karoora misooma waggaa Kudhan keessaa utubaa tarsiimoo 9ffaa keessatti agarsiifaman) guddisuu fi hojiirra oolchuu

Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa fi miti mootummaa

- Mirga Dubartootaaf dhaabachuu:** Dhaabbileen miti mootummaa fi Lammummaa hawaasaa bu'uuraa fi gareewwan dubartootaa waliin ta'uun imaammataa fi seera walqixxummaa saalaa fi humneessuu dinagdee dubartootaa guddisan leellisuu irratti dhiibbaa fiduu danda'u. Akkasumas ilaalcha sirrii hin taane kan hawaasni waa'ee hirmaannaa dubartootni hojii galii maddisiisuu irratti dhiibbaa uumuuf hubannoo uumuutti hojjechuun barbaachisaadha.
- Ijaarsa Dandeettii:** Dhaabbileen miti mootummaa fi Lammummaa hawaasaa Dubartoonni carraa dinagdee fi humneessuu isaanii guddisuuf sagantaalee leenjii fi dandeettii hojii abbootii qabeenyaa, bulchiinsa faayinaansii, fi hoggansa irratti kennuu qabu. Dubartoonni labsii itti fayyadamaafi bulchiinsa lafa baadiyyaa haaraa labsame (2024) irratti hundaa'uun lafa isaaniitti fayyadamuun liqqi akka argatan ni deeggaruu.

Michoota Misoomaa

- Haaromsa Imaammataa fi misooma dinagdee degeruu:** Imaammata mirgaa fi carraa dinagdee dubartootaa guddisan tumuu fi hojiirra oolchuun gargaarsa ogummaa fi deeggarsa maallaqaa kennuu, keessumaa pirojektoota mirga lafa dubartootaa, faayinaansii keessatti hirmaachuu fi humneessuu dinagdee guddisan deeggaruu.
- Walta'iinsa Guddisuu:** Dhaabbilee naannoolee fi mootummaa federaalaa waliin ta'uun sagantaalee fi gidduu-galummaawwan fedhii addaa fi aantummaa dubartoota naannoolee Itiyoophiyaa adda addaa ilaallatan hojiirra oolchuuf hojjechuun

Fayyaa

Mootummaa

- Dhaqqabummaa Eegumsa Fayyaa Fooyyessuu:** Bu'uuraalee eegumsa fayyaa babal'isuu irratti hojjechuun, keessumaa iddoowwan waraana, baadiyyaa fi naannoo tajaajila hin arganne keessatti, qaqqabummaa tajaajila eegumsa fayyaa dubartootaa guddisuun barbaachisa. Naannoo waraanaan miidhame keessatti jalqabbii mootummaa fooyya'aa ta'e duubatti ijaaruudhaan ta'uu ni danda'a. Kunis gatiin olka'uu tajaajila eegumsa fayyaa, inshuuraansii fayyaa dhabuu, fi rakkoowwan geejiibaa fuuruu dabalata.
- Barnoota Fayyaa Walqunnamtii Saalaa fi Walhormaataa Cimsuu:** Dubartoonni waa'ee fayyaa walhormaataa isaanii murtoo sirrii ta'e murteessuuf odeeffannoo fi qabeenya sirrii akka argatan gochuuf sagantaalee barnoota fayyaa saalaa fi walhormaataa bal'aa manneen barnootaa, hawaasaa fi dhaabbilee eegumsa fayyaa keessatti hojiirra oolchuun hedduu murteessaadha.
- Tajaajila karoora maatii babalddhisuu:** Malawwan karoora maatii adda addaa, kanneen akka qoricha ulfa ittisuu fi tajaajila fayyaa walhormaataa dabalatee, argachuu babal'isuu, akkasumas naannoo hunda keessatti argamuu isaanii mirkaneessuu. Dabalataanis, waa'ee karoora maatii hubannoo uumuu fi danqaawwan aadaa itti fayyadama isaa furuuf duula xiyyeeffannoo qabu irratti hojjechuudha. Tajaajilloonni Fayyaa haadhaa fi Daa'ima (FHD) fi Fayyaa Saalaa fi Walhormaataa (FSW) xiyyeeffannoo addaa barbaada.
- Fedhii Fayyaa Laguu Furuu:** Oomishaalee qulqullina laguu, gatii madaalawaa fi qulqullina qaban kan akka paadiiwwan qulqullinaa, filannoowwan jiranii fi erga fayyadamanii akkataa itti gatan fi akkaataa itti yero laguu dubartootaa fi haadhoolii qulqullina isaanii eeggatan barsiisuu fooyyessuuf jalqabbii qopheessuun dubartootni akka fayyadaman gochuudhaan mootummaan xiyyeeffaano guddaa keenuu qaba.

Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa fi miti mootummaa

- Sagantaa Barnoota Fayyaa Hawaasaa Gaggeessuu:** Jijjirama guddaa fiduuf Dhaabbilee Hawaasa siivikii fi miti mootummaa Sagantaa barnoota fayyaa saalaa fi walhormaataa, karoora maatii, fi akkaataa to'annaa qulqullina laguu irratti xiyyeeffate hojiirra oolchuuf hawaasa naannoo waliin hojjechuun qabu. Sagantaawwan kunneen aadaa irratti kan hundaa'anii fi fedhii addaa naannoo fi ummata adda addaa wajjin kan walsimu ta'uu qabu.
- Jijjirama Imaammataa Leellisuu:** Tarkaanfiiwwan gufuuwwan qaqqabummaa kunuunsa fayyaa furuu, tajaajila fayyaa walhormaataa fooyyessuu, fi oomishaalee qulqullina laguu gatii madaalawaa ta'an argachuuf tarkaanfiiwwan fudhataman dabalatee imaammata fayyaa dubartootaaf dursa kennu akka fudhatamuu fi hojiirra oolchuuf mormu.
- Tajaajila Deeggarsa Kennuu:** Fedhii adda addaa dubartoota Itoophiyaa guutuuf gorsa, kilinika fayyaa walhormaataa, fi jalqabbii eegumsa fayyaa hawaasa bu'uura godhate dabalatee fayyaa dubartootaaf tajaajila deeggarsa kennuu.

Michoota Idil-addunyaa:

- Misooma Bu'uuraalee Fayyaa Deeggaruu:** Bu'uuraalee eegumsa fayyaa cimsuu fi qaqqabummaa tajaajila eegumsa fayyaa qulqullina qabu dubartootaaf, keessumaa kanneen baadiyyaa fi naannoo fagootti argaman akka fooyya'uuf mootummaa Itoophiyaa deeggarsa teeknikaa fi faayinaansii taasisuu.
- Sagantaa Fayyaa Walhormaataa Maallaqan deeggruu:** Sagantaa fayyaa walhormaataa fi kaka'umsa tajaajila karoora maatii, kunuunsa fayyaa haadhoolii, fi barnoota fayyaa saalaa fi walhormaataa dubartootaa fi shamarraniif fooyyeesuuf baajata ramada.
- Dhaabbilee Naannoo waliin michoomuu:** Sagantaa fi gidduu-galummaa fayyaa dubartootaa hojiirra oolchuuf dhaabbilee naannoo fi dhaabbilee mootummaa waliin tumsuun, ogummaa fi qabeenya biyyaa fayyadamuun jijjirama guddaa fi uummata baldhaaf fedhii guutuu.

Barumsa

Mootummaa

- Dhaqqabummaa Barnoota Guddisuu:** Imaammataa fi sagantaalee qaqqabummaa barnootaa (fkn barnoota ga'eessotaa) dubartootaa fi shamarranii guddisuuf kaayyeffatan hojiirra oolchuun, keessumaa baadiyyaa fi naannoo tajaajila hin arganne keessatti fi irra caalaa umurii waggaa 30 ol irratti xiyyeeffachuun akka barbaachisu argannoon qorannoo kanaa ni ajaja.. Dhaabbille barnootaa kanneen waraanaan miidhaman irratti hojjechuun qaawwa sadarkaa dubbisuu fi barreessuu irratti mul'ate furuun dubartoonni Itoophiyaa barnoota haqa qabeessa ta'e akka argatan dursa kennuun murteessaa dha. Dhimma kana haala gaariin furuuf, gidduu seentummaan deggarsa barnootaa fi meeshaalee dubartootaaf taasiisuu irratti xiyyeeffate murteessaa dha.
- Ulaagaalee barnoota irratti danqaa ta'an guutuu:** Mootummaan gufuwwan dubartootaa fi shamarran barnoota hordofuu keessatti mudatan kanneen akka deeggarsa maatii dhabuu, hanqina maallaqaa, fi kunuunsa mana keessaa kan kaffaltii hin qabne irratti kaka'umsaa fi hanqinoota kana guutuun isa irraa eegama. Deeggarsa xiyyeeffannoo qabuu fi kaka'umsa shamarran mana barnootaa keessatti galmaa'uu fi itti deebi'anii barachuuf qaban jajjabeessu kennuun murteessaadha.
- Dubbisuu fi barreessuu Dijitaalaa guddisuu:** Dubartoonni fi shamarran dandeettii teeknooloojii fayyadamuu akka qabaatan sagantaalee dubbisuu fi barreessuu dijitaalaa kaarikulamii barnootaa keessatti hammachiisuu. Manneen barnootaa fi hawaasa keessatti kompiitaraa fi meeshaalee intraneetii kennuun hanqina dihiitaalaa irratti jiru dhabamsiisuun ni danda'ama.

Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa fi miti mootummaa

- Imaammata Koorniyaaf Deebii Kennuu fi Leellisuu:** Dhaabbileen miti mootummaa, imaammataa fi seera dubartootaa fi shamarran barnoota walqixa akka argatan fudhatamummaa fi hojiirra oolmaa isaanii jajjabeessuu qabu. Akkasumas, barbaachisummaa barnoota shamarranii fi fayidaa walqixxummaan saalaa barnoota keessatti qabu irratti hubannoo uumuunis dirqama.
- Tajaajila Deeggarsa Barnootaa Kennuu:** Dubartootaa fi shamarraniif milkaa'ina barnootaa isaanii humneessuuf tajaajila deeggarsa barnootaa kan akka carraa barnoota biyya alaaa, sagantaa gorsaa, fi tajaajila barsiisaa kennuufii keessatti dhaabbileen miti mootummaa guddaa gahee qabu.
- Walitti dhufeenya hawaasaa cimsuu:** Bu'aa barnootaa shamarrani fi dubartootaa guddisuuf seera koorniyaa akkasumas sadarkaa bu'uraatti deeggarsa sochoosuuf duula hawaasa bira ga'uu fi hubannoo uumuun barbaachisaadha.

Michoota Idil-addunyaa

- Inishiyeetiwwan Deeggarsa Barnootaa:** Inishiyeetiwwan barnootaa dubartootaa fi shamarran Itoophiyaa keessatti barnoota qulqullina qabu argachuu fooyyessuuf kaayyeffataniif deeggarsa teeknikaa fi maallaqaa kennuu. Dabalataanis, sagantaa fedhii addaa ummata cinatti dhiifamanii fi saaxilamoo kannen akka shamarran baadiyyaa, shamarran qaama miidhamoo, fi shamarran irratti hojjechuun barbaachisaadha.
- Walqixxummaa Saalaa Barnoota Keessatti Guddisuu:** Walqixxummaa saalaa fi qajeelfamoota dubartootaa humneessuu wal qabsiisuun, sagantaalee fi imaammata barnootaa keessatti hammachiisuu, garaagarummaa saalaa qaqqabummaa barnootaa, tursiisaa fi sadarkaa xumura barnootaa irratti mul'atu dhabamsiisuu irratti xiyyeeffachuun ni gorfama.
- Ijaarsa Dandeettii irratti tumsuu:** Dhaabbilee naannoolee ejensiiwwanfi mootummaa waliin ta'uun leenjii barsiisotaa, kaarikulamii qopheessuu, fi hordoffii fi madaallii dabalatee, sirna barnootaa fi dhaabbilee keessatti barnootaa koorniyaa amaleeffachiisuu fi kan hunda hammate mirkaneessuuf barbaachisaadha.

YSKIH fi Nageenya

Mootummaa

- Argachuu Haqaa Guddisuu:** Mootummaan manneen murtii addaa hundeessuun, qondaaltota seera kabachiisan fi ogeeyyii seeraaf leenjii mala koorniyaa irratti kennuu qaba. Haqummaa YKIH fi mirkaneessuuf, adeemsa seeraa saffisiisuu fi tattaaffii seera kabachiisuu jabeessuun barbaachisaadha. Kunis kan inni dabalatu namootaaf leenjii addaa kennuu fi tokkumma cimaa qihundeessuudha. Keessattuu, wiirtuuwwan dhaabbata tokkoo cimsuu fi dhaabbataa taasisuu fi mannen nageenyaa argachuuf carraa dabalataa uumuu, akkasumas deebii YKIH keessatti bakka bu'ummaa dubartootaa guddisuun barbaachisaadha.
- Sagantaa Ittisa Hojiirra Oolchuu:** Sagantaa ittisa bal'aa kan ka'umsa YKIH ilaallatu, seera fi ilaalcha koorniyaa miidhaa geessisu mormuu, fi walqixxummaa saalaa fi hariiroo kabajaa guddisu qopheessuu fi hojiirra oolchuun ni gorfama Sagantaawwan kunnin seera fi ilaalcha miidhaa geessisan mormuuf fi walqixxummaa saalaa fi hariiroo kabajaa guddisuuf kan kayyefatan ta'uu qaba.
- Tajaajila deeggarsaa babaldhisuu:** Mootummaan tajaajila deeggarsa namootaa YKIH dhaan midhamaniif, bakka jireenyaa, gorsa, sarara bilbilaa, fi dhiheessi qorichaa fi deeggarsa xinsammuu gochuufi qaba.
- Deeggarsa fi Abukaatummaa Kennuu:** Namoota YKIH irraa hafaniif tajaajila deeggarsa kennuu, gorsa, gargaarsa seeraa, fi iddoowwan nageenya qaban dabalatee, akkasumas mirgaa fi fedhii namoota lubbuun hafan sadarkaa naannoo, biyyaalessaa fi idil-addunyaatti leellisuu. Imaammata Haqaa Cehumsaa hojiirra akka oolu leellisuu.

Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa fi miti mootummaa

- Hubannoo kennuu:** Dhaabbileen miti mootummaa uummata barsiisuuf waa'ee jiraachuu fi miidhaa YKIH, miidhamtoota gargaarsa barbaadan jajjabeessuu fi qubachiisuu irratti duula hubannoo uumuu gaggeessuu qaba.
- Deeggarsaa fi Abukaatummaa kennuu:** Gorsa, gargaarsa seeraa, fi bakka nagaa qabu namoota YKIH n miidhamaniif dhiyessuu fi mirgaa fi fedhii namoota lubbuun hafanii sadarkaa naannoo, biyyaa fi addunyaatti leellisaa qabu deeggaruu. Akkasumas, imaammanni ce'umsa haqaa hojiirra akka oolu leellisunis ni danda'ama.
- Dhiirotaa fi Ijoollee Dhiiraa Hirmaachisuu:** Dhiirotaa fi ijoollee dhiiraa akka michuuta qabsoo YKIH fayyadamuun sagantaalee barnootaa fi hubannoo dhiirummaa gaarii guddisan, seera saalaa miidhaa geessisan mormuu fi dhiironni yakka irraa akka dubbatan jajjabeessuu. Akkasumas, dhaabbilee barnootaa waliin walitti hidhuun dhimmoota koorniyaaf dhaabachuun barbaachisaadha.

Michoota Idil-addunyaa

- Deeggarsa Teeknikaa fi maallaqaa Kennuu:** Sirna deebii YKIH biyyoolessaa cimsuuf gargaarsa ogummaa fi deeggarsa maallaqaa kennuu, ijaarsa dandeettii dhaabbilee mootummaa, dhaabbilee hawaasa siivikii, fi tajaajila kennitootaa dabalatee. Ummata kaampii buqqaatota YKIH miidhaman keessatti tajaajila kennuu; Tumsa Guddisuu: Mootummoota, dhaabbilee hawaasa siivikii fi dhaabbilee idil-addunyaa gidduutti walta'iinsaa fi tumsa tattaaffii qindeessuun, muuxannoowwan gaggaarii qoddachuu, fi qabeenya ittisa fi deebii YKIH guddisuuf guddisuu.
- Walta'iins/waliin hojjechuu cimsuu:** Michoonni Idil addunyaa tattaaffii waliin hojjechuu jabeessuu, muuxannoowwan gaggaarii qooduu fi qabeenya ittisa fi deebii YKIH barbachisan guddisuuf mootumma, fi dhaabbilee hasa siivikii waliin hojjechuu qaba.
- Jijjiirama Imaammata Leellisuu:** Sadarkaa biyyaalessaa fi idil-addunyaatti haaromsa imaammataa ittisa fi deebii YKIH dursa kennuu, qabeenya gahaa ramaduu, fi mootummoonni YKIH furuuf itti gaafatamummaa akka qabaatan leellisuu. Dabalataanis, immaammata ce'umsa haqaa dhiheenya kan tumame hojiirra oolchuuf deeggaruu danda'u.

Nageenya Xiin-sammuu

Mootummaa

- Bu'uraalee Fayyaa Sammuu irratti hojjechuu:** Mootummaan qabeenya gara dhaabbilee fi tajaajiloota fayyaa sammuu babal'isuuf ramaduu qaba, keessumaa baadiyyaa bakkeewwan tajaajila hin arganne keessatti, kunis dubartoota hundaaf dhaqqabummaa isaa mirkaneessuuf gargaara.
- Imaammata Fayyaa xin sammuu Hojiirra Oolchuu:** Imaammata hubannoo fayyaa xinsammuu, barnoota, fi sagantaalee deeggarsaaf dursa kennan oolchuu, sirna eegumsa fayyaa jiran wal qabsiisuudhaan qopheessuu fi hojiirra oolchuu qaba. Akkasumas, fayyina miidhaan qaamaa irra gahe irratti naannoolee akka Tigraay, Amaaraa fi Beenishaan gul-gumuz keessatti tajaajila leenjiwwaani fi gorsaa kennuu qaba.
- Dhiphina hawaas-diinagdee furuu:** Dhiibbaawwan qorannoo kana keessatti adda baafaman furuuf mootummaan imaammata hawaas-diinagdee dhimmoota akka wabii hojii fi tasgabii dhabuu maallaqa irratti xiyyeeffate hojiirra oolchuudhaan dhiibbaa nageenya dubartootaa salphisuu qaba. Wirtuuwwan deebisanii dhaabuu baldhaa fi iddoowwan nageenya qaban walitti hidhamiinsa tajaajila tajaajila kennameen akka hudeeffaman deeggaruun murteessaadha.

Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa fi miti mootummaa

- Tajaajila Deeggarsa Fayyaa Sammuu Kennuu:** Tajaajila deeggarsa fayyaa xinsamuu hawaasa irratti hundaa'e hundeessuun, gorsa, wal'aansaa, fi garee deeggarsa dabalatee, dubartootaaf kunuunsa fayyaa sammuu argatamuu danda'u fi aadaadhaan fudhatama qabu kennuun dhaabbilee miti mootummaa irraa eegama. Jalqaba irratti, rakkoo jiru hatattamaan haala bu'aa qabeessa ta'een furuuf, bakkeewwan akka Amaara, Tigraay, bulchiinsa naannoo Beenishaangul-gumuz fi oromiyaa keessaa bakkeewwan muraasaa keessatti xiyyeeffachuun barbaachisaadha.
- Mirga fayyaa sammuu dubartootaaf famluu:** Imaammataa fi sagantaalee mirga fayyaa xinsamuu dubartootaaf dursa kennaniif dhaabachuun gaaridha. Abukaatummaan kunis, dhiphina koorniyaa irratti xiyyeeffate, fi mirga fayyaa sammuu koorniyaatiin kan wal qabatu of keessatti qabachuu qaba.
- Hubannoo Uumuu:** Duula hubannoo uumuu fi workishooppii gaggeessuun dhimmoota fayyaa sammuu walqabatanii jiran hir'isuu fi dubartoonni yeroo barbaachisu gargaarsa akka argatan jajjabeessuun dhaabbilee miti mootummaa irraa eegama.

Michoota Idil-addunyaa

- Deeggarsa Teeknikaa fi Maallaqaa Kennuu:** Michoonni Idil addunyaa, bu'uraalee fayyaa sammuu jabeessuu fi tattaaffii ijaarsa dandeettii cimsuuf gargaarsa ogummaa fi deeggarsa maallaqaa kennuu qabu. Deeggarsa kunis tajaajila fayyaa sammuu fi qaqqabummaa isaa mirkaneessuuf, bakkeewwan baadiyyaa fi cinatti bahan ykn cunqurfaman, akkasumas bakkeewwan waraanni ture kan akka Tigraay keessaatti xiyyeeffachuu qaba.
- Ijaarsa Dandeettii:** Michoonni Idil addunyaa, sagantaa leenjii, workshopii, fi ogeeyyii biyyoota biroo waliin muuxannoo waljijjiirraa dabalatee, ogeessota fayyaa sammuu naannoo sanaaf sagantaa ijaarsa dandeettii diriirsuun deeggaruu danda'a.
- Qorannoo fi odeeffannoo funaanuu:** Fedhii fayyaa sammuu dubartoota Itoophiyaa hubachuuf qorannoo fi odeeffannoo funaanun murteessaadha. Michoonni Idil addunyaa deeggsa xiyyeeffannoo fi bu'a qabeessa ta'e fayyaa dubartootaaf mirkaneessuuf, tattaaffi kana deeggaruun gidduu seensa fi imaammata raga irratti hundaa'e odeeffannoo kennuun deeggaruu danda'u.

Haqa Argachuu

Tarkaanfiwwan Mootummaa

- Waldhabdee furuuf caasaa seera cimsuu:** Mootummaan caasaale seeraa jabeessuu fi maloota itti waldhabdee hiikan cimsuu qaba, keessattuudhimmoota lafa, hiikkaa gaa'elaa fi mirga qabeenyaa wajjin walqabatan kanneen dubartoota haala walmadaaluu hin dandeenyeen ilaallatan furuu irratti xiyyeeffachuu qaba.
- Dubartoota baadiyyaaf dhaqqabummaa tajaajila seeraa fooyyessuu:** Tajaajila seeraa fi sagantaalee deggarsa seeraa jabessuuf, keessattuu badiyaa bakkeewwan dubartoonni haqa argachuuf rakkatan keessatti hojjetoota seeraa fi araarsitota hawaasatiif leenjii fi ijaarsa dandeettii irratti hojjechuun barbaachisaadha. Kunis dhimmoota dubartootaan wal qabatu haala bu'a qabeessa ta'een akka qabatan taasisa.
- Dhimmoota yakka koorniyaa irratti hundaa'aniif haqummaa mirkaneessuu:** Haqa ariifataa fi loogii hin qabne mirkaneessuuf manneen murtii idilee ykn manneen murtii aadaa dhimmoota yakka koorniyaa irratti hundaa'anii fi loogii bifa biroo dubartoota irratti raawwataman ilaalan hundeessuun barbaachisaadha. Kana malees, mootummaan deeggarsaa fi gahumsa fooyya'aa ta'e gochuuf, dandeetti hojjetoota poolisii jabeessuun, yakka koorniyaa irratti hundaa'an qorachuu fi teessoo dhimmaa adda ta'e mijeessuu qaba.

Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa fi miti mootummaa

- Barnootaa fi hubannoo seeraa:** Dhaabbileen miti mootummaa dubartoonni waa'ee mirga isaanii fi furmaata seeraa jiran akka beekaniif hubannoo seeraa fi sagantaalee barnootaa kennuu danda'a.
- Dubartoonni haqa akka argataniif haaromsa imaammata dagaagsuu:** Gufuulee sirnaa fi loogii dubartoonni haqa akka hin arganne gufachiisan furuuf haaromsa imaammataa fi fooyya'iinsa sirna haqa hundeessuu. Kunis imaammata haqa ce'umsa fi adeemsa isaa keessatti hirmaannaa fi fayyadamummaa dubartootaa, kannen miidhamanii fi kan hin miidhamiin irratti hojjechuu qaba.
- Mala waldhabdee hiiku kan haawaasa bu'uura godhate babaldhisuu:** Dhaabbileen miti mootummaa mala araaraa kan hawaasa bu'uura godhate fi rakkoolee furuu kan hawwii fi fedhii fedhii dubartootaaf dursa kennu fi kan hirmaachisummaa amanamaa mijeessuu danda'a.

Michoota Idil-addunyaa

- Itoophiyaa keessatti sirna haqa koorniyaaf deebii kennu dagaagsuu:** Michoonni Idil addunyaa argaarsa ogummaa fi sagantaalee ijaarsa dandeettii kan jalqabbii olaantummaa seeraa cimsuu fi sirna haqa koorniyaf deebii kennu irratti xiyyeeffate deeggaruu danda'u.
- Hawaasa cinatti bahan keessatti qaqqabummaa haqa jabeessuu:** Pirojektoota dubartootaaf gargaarsa seeraa fi tajaajila deeggarsa kennan, keessumaa kanneen hawaasa baadiyyaa fi warra cinatti qabaman keessa jiraniif, qaqqabummaa haqa isaanii guddisuuf maallaqa arjoomuun deeggaruu danda'u. Qooda fudhatoota naannoo waliin ta'uun bu'a qabeessummaa sagantaalee gargaarsa seeraa fi mala falmii furuu hordofuu fi madaaluu, bakkeewwan fooyya'iinsa qaban adda baasuu fi muuxannoowwan gaarii irra deebi'anii hojjetamuu qaban adda baasuu.

Hirmaannaa Siyaasaa fi Lammummaa Keessattii

Mootummaa

- Sagantaa Dubbisuu fi Barreessuu Seeraa Guddisuu:** Hubannoo dubartoonni seeraa fi imaammata irratti qaban guddisuuf, keessattuu bakkeewwan xiqqooo beekaman kanneen akka seera hojjetaa irratti mootummaan sagantaawwan dandeettii bu'uraa dubbisuu fi barreessuu hojirra oolchuu qaba. Kaka'umsi kunneenis odeeffannoo argatamuu fi hawaasaan fudhatamaa qabachaachuu danda'udubartoota mirgaa fi eegumsa isaanii akka beekaniif hawaasa biraan gahuudha.
- Bakka Bu'ummaa Siyaasaa Dubartootaa Guddisuu:** Imaammata tarkaanfii mirkaneessaa hojiirra oolchuun bakka bu'ummaa dubartootaa gahee hoggansa siyaasaa sadarkaa mootummaa hundatti guddisuu. Sirna filannoo keessatti qooda koorniyaa diriirsuun bakka bu'ummaan dubartootaa qaamolee murtee kennan keessatti haqa qabeessa ta'e mirkaneessuu. Adeemsa filannoo cimsuun Hirmaachisaa dubartootaa filannoo keessatti jajjabeessuu fi haala mijeessuu. Tarkaanfiwwan kunis walqixummaa saalaa guddisuu fi bulchiinsa keessatti hubannoo adda addaa mirkaneessuuf gargaaruu danda'u.
- Filannoo keessatti hirmaannaa mirkanessuu:** Filannoo keessatti hirmaanna dubartotaa guddisuuf mootummaan tarkaanfiwwan nageenyaa buufatalee filannoo irratti fudhataman irratti xiyyeeffachuun haala sagalee kennuu nageenya qabuu fi hunda haammate uumuun adeemsa filanno fooyyessuu qaba.

Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa fi Miti mootummaa

- Hirmaannaa Siyaasaa cimsuu:** Dubartoonni adeemsa siyaasaa bu'a qabeessa ta'ee keessaatti akka hirmaatan gochuuf dhaabbileen hawaasa siivikii fi miti mootummaasagantaalee leenjii fi ijaarsa dandeettii keessaatti akka hirmaatan taasisuu qaba. Leenjii hoggansa, guddina dandeettii abukaatummaa, fi sagantaalee gorsaa kennuudhaan dubartoonni dhimmota siyaasaa keessaatti akka hirmaatan gochuu.
- Hubannoo Mirga Dubartootaa Guddisuu:** Mirgoota Dubartootaa Heera Mootummaa Itoophiyaa fi seerota dhimmi ilaallatu dabalatee mirgoota dubartootaa irratti hubannoo uumuuf duula hubannoo uumuu fi workishooppii hawaasaa gaggeessuuf dhaabbileen hawaasa siivikii fi miti mootummaa hojjechuu qabu. Sagalee dubartootaa guddisuu fi walqixxummaa saalaa guddisuuf jalqabbii sosochii fi abukaatummaa bu'uuraan guddisuu.
- Barnoota lammummaa cimsuu:** Mirga dubartootaa, itti gaafatamummaa lammummaa, fi adeemsa filannoo irratti xiyyeeffachuun sagantaalee barnoota lammummaa guddisuuf dhaabbileen DhHL & DhMM, mootummaa fi qooda fudhattoota biroo waliin hojjechuu qabu. Akkasumas hirmaannaan dubartootaa siyaasa keessatti dhiirota jabeessuun ni danda'ama.

Michoota Idil-addunyaa

- Dubartootaa Hoggansa Siyaasaa Deeggaruu:** Inishiyeeetiwwan hoggansaa fi hirmaachisummaa siyaasaa dubartootaa guddisan deeggarsa ogummaa fi maallaqaa kennuuf deeggarsi Idil addunyaa barbachisadha. Akkasumas, agantaa ijaarsa dandeettii hoggansa dubartootaa, ergamoota filannoo, fi dhaabbilee hawaasa siivikii bulchiinsa koorniyaa hammate leellisaa maallaqaan gargaaruudha.
- Walqixxummaa Saalaa Leellisuu:** Tarkaanfiiwwan bakka bu'ummaa dubartootaa dhaabbilee siyaasaa keessatti guddisuu dabalatee imaammataa fi seera walqixxummaa saalaa sadarkaa biyyaatti akka fudhatamuu fi hojiirra oolu leellisuu. Akkasumas, seerota fi danbiiwwan filannoo keessatti ilaalchaa koorniyaa akka ijootti galchuuf tattaaffii taasifamu deeggaruu qabu.
- Adeemsa Filannoo Hordofuu fi Madaaluu:** Agarsiistota koorniyaa irratti xiyyeeffatanii fi Hirmaannaa dubartootaa irratti xiyyeeffachuun, adeemsa filannoo hordofuu fi madaaluuf deeggaruu. Ergamoota ilaalcha filannoo walaba ta'aniif maallaqa kennuu, jalqabbii sirna filannoo keessatti iftoominaa fi itti gaafatamummaa guddisan akka deeggaran ni gorfama. Deeggarsi kunkan taasifamuu danda'u, fakkeenyaaf, ergama ergama ilaalcha filannoo walaba ta'eef maallaqa kennuu fi tattaaffii sirna korniyaaf dursa kennu deeggruun.

Nagaa fi Tasgabbi

Gochaalee mootummaa

- Nagaa fi tasgabbi Guddisuu:** Mala walldhabdee hiikuu, jalqabbii nagaa ijaaruu, kaka'umsa fi waltajjii marii hawaasaatiin nagaa fi tasgabbi guutuu biyyattii keessatti dagaagsuuf tattaaffii taasifamu cimsuun gahee mootummaati. Sagantaa ittisa fi walitti bu'iinsaa furuuf kanneen madda rakkoo walldhabdee fi hidhamiinsa hawaasummaa guddisan irratti keessumaa naannolee walitti bu'iinsaan miidhaman irratti hojjetamuu qaba. Haalli teessuma lafaa bakkeewwan walldhabee yeroodhaa yerootti garaagara ta'us, haalli walldhabdee ammaa jiru xiyyeeffanno naannolee Amaaraa, Beenishaan gul-gumuz, Tigraay, fi Gaambeellaa fi kutaalee Oromiyaa tokko tokko irratti godhamuu qaba. Dubartoonni adeemsa nagaa buusuu, marii fi kaka'umsa keessatti hirmaachuu qabu.
- Adeemsa nagaa, marii fi jalqabbii hunda keessatti dubartoota hirmaachisu:** Imaammata carraa hojii dabalataa uumuu fi qaqqabummaa barnootaa fi eegumsa fayyaa fooyyessuu, yaaddoowwan ijoo dubartoonni kaasan furuuf immaammata hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Bu'uuraalee misomaa irratti hojjechuun, keessumaa bishaan dhugaatii qulqulluu, daandii, fi dhaabbilee eegumsa fayyaa argachuu keessatti, nageenyaafi fayyaa hawaasaa guddisuuf hojjechuun ni gorfama. Kana malees, tajaajila deeggarsa dabaluu, duula hubannoo uumuu, fi haaromsa seeraa mirga dubartootaa eeguu dabalatee yakka koorniyaa irratti hundaa'e (YKIH) ittisuu fi deebii kennuudhaaf tooftaalee bal'aa qopheessuun murteessadha.

Dhaabbilee Hawaasa Lamummaa fi miti mootummaa

Sagantaawwan Waldhabdee furuu kan walitti hidhamiinsa hawaasummaa guddisuu irratti gadi fageenyaa xiyyeeffate hojiirra oolchuun ykn hojiitti hiikuun dhaabbileen Hawaasa siivikii fi miti mootummaa kaka'umsa nagaa ijaaruu ykn buusuu hawaasa irraa madde guddisuu irratti hojjechuu qaba. Dubartoonni dammaqinan akka hirmaattota murteessootti warren nagaa buusan keessatti hirmaachuu qabu. Kunis dubartoonni ambasaddara nagaa fi hawaasaa keessatti dhiibbaa uumtota ta'uun gahee qabaachuu isaanii agarsiisa. Leenjii fi gargaarsaan wal qabsiisanii dubartoota aangessuun gochota nagaa ijaaruu fi mirga isaanii sadarkaa naannoo fi biyyoolessaatti akka isaan dammaqinaan hirmaataan isaan dandeessisa.

Michoota Idil-addunyaa

Itiyoophiyaa keessatti jalqabbii ijaarsa nagaa fi walldhabdee hiikuu, dandeettii qooda fudhattoota nagaa biyya keessaa ijaaruu, adeemsa marii mijeessuu, akkasumas mala ijaarsa nagaa hunda hammate guddisuu irratti xiyyeeffachuun deeggarsa ogummaa fi maallaqaa kennuun barbaachisaa akka ta'e argannoon kun ni hubachiisa. Deeggarsi kunis dandeettii qooda fudhattoota nagaa naannoo, adeemsa marii naannoo mijeessuu fi nagaa ijaaruuf maloota hunda haammatan guddisuudha Itiyoophiyaa keessatti nagaa, tasgabbi, fi walqixxummaa saalaa dagaagsuu keessatti tattaaffii mootummaa fi waldaalee siivikii deeggaruuf michoonii Idil-addunyaa ni jajjabeeffamu. Sagantaawwan dubartoonni barnoota, eegumsa fayyaa, fi carraa dinagdee argachuu isaanii fooyyessuuf kaayyeffate, hundeen tasgabbi dhabuu fi yakka a furuuf sagantaan gargaarsi maallaqaa irratti kaayyefte barbaachisaadha. Kana malees, dhaabbileen biyya keessaa fi hirmaannaa dubartoonni adeemsa murtii kennuu keessatti qaban kan nagaa fi tasgabbiin wal qabate sadarkaa hundatti cimsuuf jalqabbii ijaarsa dandeettii deeggaruun murteessaadha.

WAABIILEE

Ejensii Istaatistiksii Giddugaleessaa (CSA) [Itoophiyaa] fi Baankii Addunyaa.

Gabaasa Qorannoon hawaas-dinagdee Itoophaa bara 2017/18.

Qorannoon Dimogiraafii fi Fayyaa 2016. Addis Ababa, Itoophiyaa, fi Rookviil, Meerilaandii, USA: CSA fi ICF.Creswell, J. W.

Creswell, J. W., fi Creswell, J. D. (2017) fi kanneen biroo.

Dizaayinii qorannoo: Mala qulqullinaa, baay'inaafi mala walmakaa.

Tajaajila Istaatistiksii Itoophiyaa (ESS) [Ethiopia] 2021. Qorannoo Hojjetaa fi Godaansaa Argannoowwan Ijoo.

Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalaa Itoophiyaa (2019), Gabaasa Biyyoolessaa Shanaffaa Raawwii Labsii Beejiing fi Waltajjii Hojii (Beejiing 25).

Sanadni <https://shorturl.at/3JsU3IFPRI> irraa argachuu dandeessu.

Hagayya 15, 2020 kan fudhatame. Waltajjii Diinagdee Addunyaa. (2019) kan qophaa'e.



NETWORK OF
ETHIOPIAN WOMEN'S
ASSOCIATIONS

Tel: +251118217758
email: newaethiopia@gmail.com
www.newaethiopia.org

 [of.newa](https://www.facebook.com/of.newa)

 [newa_ethiopia](https://twitter.com/newa_ethiopia)

 [@newaethiopia](https://www.youtube.com/@newaethiopia)

 www.linkedin.com/in/newa

**HAALA FI DURSAWWAN
DUBARTOOTA
ITOOPHIYAA
MURTEESSUUF QORANNOO
GAGGEFFAME**

**Gabaasa Qorannoo
Gabaabaa**



design & print: creativeprofusion.com